



Hidhi Haaromsaa Guddichi Itoophiyaa eebbifame

Kutaa Qophiitiin

Afrikaa keessatti sadarkaa lffaa kan ta'eefi humna anniisaa maddisiisuu biyyatti dachaa sadiin kan dabaluu Hidhi Haaromsaa Itoophiyaa guddichi ijaarsisaa xumuramuun Kibxata darbe bakka keessummoonni biyya keessaafi ollaa argamanitti sirna hoo'aan eebbifameera.

Sirna eebbaa hidhichaarratti Dura taa'aan Komishinii Gamtaa Afrikaa Mahmuud Alii, Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti Barreessaa

Olaanaan Komishinii Dinagdee Afrikaa Kilaavar Mahmuud, Pirezidaantii Keeniyaa Dr. Wiliyaam

Ruutoo, Pirezidaantii Somaaliyaa Hasan Sheek

Mahmuud, Pirezidaantii Jibuutii Dr. Ismaa'il Omaar

Giileeh, Pirezidaantii Sudan Kibbaa Saalvaakir

Maayaardiit, Ministira Muummee Barbaadoos Miyaa

Amoor Mootaalii, Ministira Muummee Iswaatiinii

Ruuseel Mimiisoo Dilaamiinii **Gara fuula 3tti**

“HHGI faajjii Adwaa lammaffaa dhaloota kanaati!”

Kutaa Qophiitiin

Hidhi Haaromsa Guddicha Itoophiyaa faajjii Adwaa lammeessoo dhaloota kanaa ta'uu Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ibsan.

Pirezidaanti Shimallis kana kan ibsan eebbifamuu Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaa Kibxata darbe Qaammee 4,2017 raawwate ilaalchisee ergaa karaa miidiyaa hawaasummaa isaaniitiin dabarsaniin.

Barreeffamni guutuun ergaasaanis akka itti aanutti.

Har'a siidaa bu'aa tokkummaa, dandamannaafi cichoomina biyya keenyaa kan ta'e, Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaa xumuruu yemmuu kabajnu, seensa bara haaraarra dhaabbachuu keenya mirkaneeffachaati. HHGI humna elektirikii qofa osoo hintaane, hammatoo hawwii ummataa, birmadummaa biyyaafi dandeettii egeree keenya murteeffachuuti.

HHGI humna siidaa 'tuffii' diinni nurratti ijaare diigee, faajjii 'Adwaa lammeessoo' dhaloota kanaa ta'uun addunyaa fuuldura bara baraan jiraatudha.

Pir.MNO Obbo Shimallis Abdiisaa

Seenaa keessatti, hireen ji'opolitika biyya keenya Itoophiyaa, hunda caalaa qaamolee bishaanii laman: Laga Abbayyaa Galaana Diimaa kan murtaa'e ture. Diinonni tarsiima'oo biyya keenyaa, jaarraawwan hedduuf Itoophiyaan qaamolee bishaanii murteessoo kunniinii akka hinfayyadamneefi hindhaqqabne dhiibbaa walirraa hincinne gochuun qoraa turaniiru.

Laga Abbayyaa yoofudhanne, tooftaalee waraana kallattiifi bakka bu'ummaa baandotaatiin gaggeeffamu dabalatee, biyyoota **Gara fuula 14tti**

Guutuu Oromiyaatti eebbifamuu

Hidha Haaromsaa Guddicha

Itoophiyaa sababeeffachuun

qaamoleen hawaasaa

gammachuusaanii ibsatan

Kutaa Qophiitiin

Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa sadarkaa Afrikaarraa tokkoffaa ta'e humna, beekumsaafi maallaqa lammiilee biyyattiin ijaarame milkiin xumuramuun Kibxata darbe Qaammee 04, 2017 Ministira Muummee Dr.Abiyyi Ahimadiin eebbifame hordofee qaamoleen hawaasaa guutuu Oromiyaa gammachuusaanii sirnoota garaagaraatiin ibsataniiru.

Jiraattonni Godinaaleefi Bulchiinsa Magaalota Oromiyaa sirnoota garaagaraan gammachuusaanii ibsatan kunneen jalqabbii olka'insa Itoophiyaa, mallattoo danda'uu keenyaa, bu'aa ida'amuu, tokkummaafi danoomaa kan ta'e Hidhi Guddichi Haaromsaa Itoophiyaa qormaatilee hedduu keessa darbuun karaa milkaa'ina qabuun hojjatamee xumuramee eebbifamuun dandeettii Itoophiyaanotaa gochaan kan dhugoomse ta'uu isaatti hedduu akka gammadan himaniiru.

Bu'aa cichoominaan hojjachuu, coba dafqaa, imimmaaniifi dhiigaa kan ta'e xumuramuu Hidhi Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa mallattoo injifannoo uummata gurraachotaa akka ta'es dhaadannoowwan garaagaraa dhageessisuun ibsaniiru.

Injifannoo Adwaa 2ffaa kan ta'e Hidhi Haaromsaa Guddichi Itoophiyaa injifannoo **Gara fuula 3tti**

Eebbifamuu Hidha Haaromsaa Itoophiyaa ilaalchisee miidiyaaleen idil-addunyaa ergaa garaagaraa dabarsan

Kutaa Qophiitiin

Hidha Haaromsaa Itoophiyaa Qaammee 4,2017 eebbifame ilaalchisee miidiyaaleen idil-addunyaa ergaa garaagaraa dabarsaniiru.

Hidhi Haaromsa Guddichi Itoophiyaa humna,beekumsaafi qabeenya lammileen ijaaruu waggoota kudha sadii dura dhakaan bu'uura kaa'ame.

Adeemsa waggootan kanaa keessa bu'aa ba'ii adda addaa akkasumas dhiibbaa alaa dandamate eebbaf qaqqabeera.

Hidhichis bakka aanga'oonni olaanoon biyyattii, pirezidaantotni biyyoota Ollaa Itoophiyaa hedduu, dippiloomaatotaafi keessummoonni gurguddoon akkasumas nammootni beekamoon argamanitti



jala bultiirraa ka'ee sagantaalee agarsiisa garaagaraan dabaalamuun erga kabajamaa turee booda Kibxata darbe Qaammee 4,2017 sirna hoo'aafi hawwataan Ministeera Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimad eebbifameera.

Akka Afrikaatti guddinasaan tokkoffaa kan ta'e akka addunyaatti sadarkaa kurnan keessatti argamuu kan danda'u mallattoo olka'insa Itoophiyaa kan ta'e eebbaa Hidha Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa ilaalchisee **Gara fuula 14tti**

Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!

Beeksisa

Arsii

Aadde Salamaawiit Balaayitiif

Bakka jirtanitti

Ol’iyyataan 1^{ffaa} Obbo Saamu’eel Alamuu 2^{ffaa} Obbo Gizaachaw Alamuu 3^{ffaa} Alamtsahay Alamuu fi Deebii kennituu Aadde Salamaawiit Balaay jiddu falmii dhaaltummaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 29/01/2018 sa’aatii 5:00 irratti dhiyaatanii akka falmattan ibsaa, yoo **kan hin dhiyannee yoo ta’ee falmii iddoo isin hin jirretti** kan ilaalamu ta’uu ni beeksifna. Mana Murtii Ol’aanaa Godina Arsii.

Baale

Iyyattoonni Aadde Makkoo Kadiriifi Aadde Badiriyaa Kadiir mana Jaarmiyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa Ganda 01 keessatti bali’ina M² 195 irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu irraa hirisanii 97.5M² kan ta’e karaa bakka buutuu isaanii Aadde Saaraa Huseeniitiin Obbo Mahaammad Bayyanaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Boorana

Aadde Mootummaa Guyyee fi Obbo Daadhii Kuraa qabeenyummaa isaanii kan ta’e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Daanisaa Oliyyee keessatti maqaa Aadde Mootummaa Guyyeetiin galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu ,Lakk. kaartaa isaa 1429/BMN/01/01/01 kan ta’e Obbo Alamuu Buneetti gurguranneerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa’uuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Booranaa

Obbo Naa’ool Taadalaa Tujiifi B/B Obbo Shaafii Muzee Mahaammad qabeenyummaa isaanii kan ta’e,mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa Ganda Abbaa Gafarsaa keessatti maqaa Obbo Naa’ool Aaadalaa Tujiitiin galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu Lakk. Saayit pilaanii 9328/BMN/01/01/02 ta’e,Aadde Sa’aadaa Jamaalitti gurguranneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kan mirkanaa’uuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Booranaa

Aadde Sanaayit G/Madihin B/B Usmaa’eel Mahaammad qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk. Sayit Pilaanii isaa 712/BMN/01/01/01 ta’e lafa kaareemeetira 200 maqaa Aadde Sanaayit G/Madihinitiin galmaa’ee beekamu Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 02 Malkaa Odaa (Malkaa) keessatti argamu Aadde Dahaaboo Mahaammuditiif kenneeraaf waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne kennaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/ Mag/Nageellee Booranaa.

Bunnoo Beddellee

Aadde Faaxumaa Tamaam mana Magaalaa Qumbaabee Ganda 01 keessatti qabeenya hin sochoone lakk.kaartaasaa 00512 ta’e.maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekkamu, karaa bakka bu’aa isaanii Obbo Isaa Raggaasaatiin Obbo Isaa Raggaasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Aanaa Cooraa

Gujii

Obbo Wandimmuu Adoolaa Galgaloo mana jireenyaa Lakk.isaa AwGQE/118 kan ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Qilxaa Eebbaa keessatti qabeenya hin sochoone ballina M² 294 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 1256/16 kan ta’e Aadde Wayinisheet Hurrisaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Aadde Zinnaash Mashashaa Jimaa mana jireenyaa rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana Jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenya hin sochoone ballina M² 312 irratti argamu lakk.Kaartaa isaa WBIFL 1121/07 kan ta’e Abinnat Eda’ee Fayisaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uufiyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Tasfaayee Barraaqoo mana jireenyaa Lakk.Ad/GOD/0409 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Makaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda O/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali’inni isaa kaareemeetira 438.6M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 683/2010 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Obbo Aschaaleewu Mollaatti kan gurgureef waan ta’eef waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/M/Adoolaa Woyyuu.

Obbo Satanaa Kottolaa fi Meerii Aduulaa mana bu’aa mukaa Lakk.Ad/GLD/217 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Induustirii irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda L/Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali’inni isaa kaareemeetira 300M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 5805/2014 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Obbo Sabboonaa Yoohaanisitiif kan gurgureef waan ta’eef waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/M/Adoolaa Woyyuu.

Obbo Tasfaayee Abbabaa Garmee mana jireenyaa Lakk. AW/GLD-02 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Gooroo Xilloo keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali’inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 1586/2013 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Asnaaquu Bizaayiin ti kan gurgureef waan ta’eef waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/M/Adoolaa Woyyuu.

Aadde Shittaayee Awolee mana jireenyaa lakk.isaa OR003031006006 ta’e,Magaalaa Shaakkisoo Ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 361 irratti argamu ,Obbo Sayiid Dilleetti gurgureera jedhaniiru.,kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate maqaa gara bitaatti kan naanneessinu ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Shaakkisoo

Yabsiraa Darajee Toruu mana jireenyaa Lakk.Ad/GOD/290 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Q/Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali’inni isaa kaareemeetira 500M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 6039/15 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Obbo Yiilqaal Zabanaay Yataayawutiif kan gurgureef waan ta’eef waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/M/Adoolaa Woyyuu.

Obbo Yohaannis Galchuu mana jireenyaa Lakk.AW/GBB/13 ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Birbirsa Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone Lafa bali’inni isaa kaareemeetira 247.95M² irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 3580/17 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Dr.Ibsee Bariisootiif kan gurgureef waan ta’eef waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru.Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/N/Bul/M/Adoolaa Woyyuu

Iluu Abbaa Boor

Obbo Tamaam Suleemaan mana jireenyaa Aanaa Yaayyoo Ganda 01 keessatti ballina M²200 irratti argamu ,lakk. kaartaasaa Dhu/886/2017 ta’e,Aadde Zeeytunaa Faarisitti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraayte beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Yaayyoo.

Obbo Wandimmuu Geetachoo mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii A/boorii keessatti Lafa kaareemetira 200 irratti argamu Obbo Geetanee Mangashaatti gurgudheera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Qonnaa fi Lafaa A/Hurrumuu.


Obbo Qalkidaan Mallasee mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu keessaa qaban bal’inna Lafaa 200M² irratti argamu Aadde Samirawit Dawwititti gurgudheera jedhaniiru.Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Qonnaa fi Lafaa A/Hurrumuu.

Aadde Hayimanoot Siyyum mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu keessaa qaban bal’inna Lafaa 200M² kan qabiyyee isaanii ta’e Obbo Dastaa Taraffaatti gurgudheera jedhaniiru.Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Qonnaa fi Lafaa A/Hurrumuu.

Jimma

Obbo Isaayyaas Kitilaa kaartaa hin sochoone Lakk.isaa 2302 ta’e,tajaajilli isaa mana jireenyaaf kan oolu,Magaalaa Jimmaa Ganda G/Guduruu keessatti argamu, waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru..kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababab adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!



Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi’aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiyaa@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiyaa.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Xumuramuun ijaarsa Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaa Calaqqee olka’insa Itoophiyaati!

Biyyi keenya Itoophiyaan biyya seena qabeetti madda qaroominaati. Biyya birmadummaashii eeggattee as geesseedha. Haadha qabeenya uumamaa dilbiitis. Haata’u malee sababoota adda addaan hiyyummaan mataa gadi qabachaa turteetti,biyya hiyyeetti jedhamuunis addunyaa biratti ilaalamaa turteetti.

Itoophiyaan waggoota hedduuf qabeenya uumamaashii osoo hin fayyadamni hafuun dhaloota har’aaf gaabbiifi miira xiiqii akka itti dhaga’amu taasisaera. Goolabamuun pirojeektii hidha kanaas Itoophiyaaf ragaa egeree Afrikaaf ifa! Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaa humna elektirikii qofa osoo hintaane, hammatoo hawwii ummataa, birmadummaa biyyaafi dandeettii egeree keenya murteeffachuuti.

Hidhi Haaromsa Guddicha Itoophiyaa, abbaa biyyummaa keenya tiksuuf irree gamtoomen yemmuu dhaabannu, pirojektoota gurguddaa dantaa biyya keenyaa tajaajilan maddisiisuu, karoorsuu, raawwachuufi xumuruu, kanaanis seensa bara haaraa saaquu akka dandeenyu kan mirkaneessedha.

Gama biraan dandeettiin qabeenya uumamaa keenya fayyadamuu akka nu dandeessisu agarsiistuudhas.

Ummanni Itoophiyaa, rakkoolee keessoofi alaa kunniin fuuldura, yaadaafi gochaan tokkoomee dhaabbachuu akkasumas gumaacha maallaqaa walirraa hincinne taasisuun gahee bakka hin bu’amne bahateera. Hundaa’ol immoo, hooggansi tarsiima’oo Ministira Muummee keenya, Looreetii Nagaa Addunyaa Abiyyi Ahimad (PhD) kennan, pirojeektichi fiixee kufaatii gaherraa deebi’ee, akkasumas itti dhiyeenyaan hordofamee injifannoo guyyaa har’aa kana arguuf kan dandeessiseedha.

Itoophiyaan imala badhaadhinaa qabatte galmaan gahuufkutannoon agarsiisaa jirtu wayita ijaarsa pirojeektii Hidha Haaromsa kana eebbisiisaa jirtutti,Pirojeektoota biroo meeggaa ta’an ijaarsisuuf waadaa seenuun agarsiistuudha. Kunimmoo Kutannoo,dandeettifi kaka’umsi dhaloota gadadoo hiyyummaa keessaa baasuuf taasisamaa jiru hiree biyya keenyaa egeree keessatti abdii gudda kan horuudha.

Milkii goolabamuu hidha kanaaf kutannoofi gaggeesummaan mootummaa jijjiiramaa kan bakka bu’insa hin qabne ta’uu hubatamuu qaba. Bifuma walfakkaatuun saba sabalammootni biyyatti garaagarummaa tokko malee humna,qabeenyaafi beekumsa isaaniin waggoottan kudha afuriif taasisaa turaniin ashaaraa hin dagatamne kaa’aniiru.

Ammas sochii mootummaan jijjiiramaa Itoophiyaa hiyyummaa keessaa baasuun gara badhaadhinaatti ceesisuuf taasisu keessatti tumsi uummataa murteessaa waanta’eef cimee itti fufuu qaba

Hidhi Haaromsaa Guddichi . . .

argamaniiru.

Ministira Muummeen FDRI Dr.Abiyyi Ahimaad saganticharratti haasaa taasisaniin, Adwaa 2ffaan Gubaarratti dhaloota kanaan hojjetamuu ibsuun, hidhi haaromsaa seenaa uummattoota guraachoota hundaati jedhan.

Hidhi Guddichi Haaromsaa Itoophiyaa guduunfaa gaabbii kaleessaa, abdii dhaloota boruuti; Itoophiyaan hidha haaromsaa kan ijaarteef seenaa uummattoota gurraachaa jijjiiruuf malee biyyoota ollaa miidhuuf miti jedhan. Hidhichi injifannoo Itoophiyaanota qofa osoo hin taane, injifannoo guddaa uummata gurraachootaa seenaa keessa jiraatu agarsiistuu seena qabeessa dandeettii gurraachotaa isa jalqabaa ta’uus dubbataniiru.

Itoophiyaan faayidaa malee miidhaa biyyoota ollaashee akka hinfeene kan himan Dr.Abiyyi, beelliifi miidhaan biyyoota yaa’a laga gadii beelaafi miidhaa keenya waanta’eef waltumsa malee fedhii olloota keenya miidhuu akka hinqabne irra deebiin nan mirkaneessas jedhaniiru.

Nuti Itoophiyaanonni qaama malee maqaa du’u hin qabnu waanta’eef, diinonni keenya fagoofi dhihoo yaada hamaarraa fagaachuun guddina Itoophiyaafi naannawichaa dhugoomsuuf nu waliin hojjachuuf akka of qopheessan jechuun dhaamaniiru.

Pirezidaantiin Keenuyaa Dr.Wiiliyaam Ruutoon saganticharratti haasaa taasisaniin, hidhichi Afrikaan carraashee murteeffachuun akka dandeessu kan agarsiisu mallattoofi fakkeenya Afrikaanoota hundaati jedhan.

Hidhi Guddichaa Haaromsa Itoophiyaa pirojeektii biyya tokkoo qofa osoo hintaane mallattoo Paan Afrikaanizimii ta’uu ibsanii, hariiroo obbolummaa, tumsaafi mul’ata waloo biyyoota yaa’a laga abbayyaa cimsuu keessatti qooda olaanaa qabaachuus eeraniiru.

Pirezidaantiin Somaaliyaa Hasan Sheek Mahaammud gamasaaniin, hidhi kun fayyadamummaa waloo kan mirkaneessu ta’uu ibsanii, guddinni naannichaa kan dhugoomu falmiin osoo hin taane tumsaan qofa waanta’eef Somaaliyaan tumsa biyyoota naannawichaa ni barbaaddi, dhimmoota nageenyaafi tasgabbiirratti biyyoota ollaa waliin qindoominaan ni hojjettis jedhaniiru.

Itoophiyaanonni injifannoo Adwaatti galmeessan damee Mahandisummaanis dabalaniiru, biyyoonni hedduun ijaarsi hidhichaa milkiin ni xumurama jedhanii eegaa hin turre, Itoophiyaan garuu humna, ogummaa, qabeenyaafi dandeettii mataasheen seenaa raajiifi waaraa hojjechuuf murannoon ka’uun gufuulee turan hunda injifachuun hidhicha ijaaranii xumuruun injifannoo addaati, hidhichi faayidaalee dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa olaanaa kan argamsiisuudha kan jedhan immoo Ministira Muummee Baarbaadoos Amoorii Mootiliiniidha.

Pirezidaantiin Sudaan Kibbaa Saalvaa kiir Maayaardiit, Hidhichi Itiyoophiyaarra darbee biyyoota naannawichaa fayyadamoo anniisaa kan taasisu ta’uu eeruun, hidhichi biyyoota lamaan bu’uuraalee misooma anniisaan walitti hidhuun fayyadamummaa diinagdee kan guddisuudha, Sudaan Kibbaa hidhicharraa anniisaa argachuuf yeroo dhihootti Itoophiyaa waliin waliigaltee ni mallatteessitis jedhaniiru.

Humna, beekumsaafi qabeenya Itoophiyaanotaan waggoota kudha afran darbaniif hojjatamaa kan ture hidhichi qarshii biiliyoona 200fi biiliyoona 33 ta’uun ijaaramee xumurame.

Hidhichi tarbaayinoota 13fi odolaawwan 72 kan qabu yoota’u, waggaatti galii doolaara biiliyoona 1 argamsiisuu danda’as jedhameera.

Guutuu Oromiyaatti eebbifamuu . . .

Itoophiyaanotaa qofa osoo hintaane ibsituu ibsituu Paan Afrikaanizimii ta’uu kutaaleen hawaasaa gammachuusaanii ibsatan kunneen dubbataniiru.

Hidhi Haaromsaa Guddichi karaa milkaa’ina qabuun xumuramee eebbifamuun fayyadamummaa keenya gama maraan kan mirkaneessuudha kan jedhan jiraattonni kunneen, jijjiiramaa amma gama maraan argamaa jiru kun ittifufinsa akka qabaatuuf mootummaa cinaa ni dhaabbanna jechuun dubbataniiru.

Lammileen biyya keenyaa garaagarummaa tokko malee tokkummaafi waloomaan hidha kana akkuma xumurre, nageenyaafi misooma biyyaa saffisiisuun badhaadhina Itoophiyaa ni dhugoomsinas jedhaniiru.

Aadde Waynisheet Geetachew kaartaa hin sochoone lakk.isaa 2461 ta’e,tajaajilli isaa mana jireenyaaf kan oolu,Magaalaa Jimmaa Ganda B/A/Katamaa keessatti argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru..kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababab adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Obbo Miftaahuu Kadiir kaartaa hin sochoone lakk. isaa 2715/2010 ta’e,tajaajilli isaa mana jireenyaaf kan oolu,Magaalaa Jimmaa Ganda B/Booree keessatti argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru..kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababab adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Obbo Naasir Huseen Lakk.Kaartaa hin sochoonee 0360 tajaajila isaa mana jireenyaaf oolu ganda B/A/Katamaa keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Shawaa

Obbo Waasihun Gabre’igzabiher karaa bakka bu’aa isaanii Obbo Zalaalem Dastaa ragaan faayila qabiyyee Magaalaa Hoolataa Ganda Saadamoo keessaa qaban lakk.kaartaasaaBLEN/363/2014 ta’e,najalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu an arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bnahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate haaraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Hoolataa

Obbo Yoonaas Alamuu Mangashaaf
Bakka jirtanitti
M/Iyyataan Obbo Yoonaas Alamuufi M/Waamamtoonni 1^{ffaa} Lamalam Takileefi 2^{ffaa} Obbo Halfoom Barihee jidduu falmii jiru ilaalchisee Obbo Yoonas Alamuu Mangashaaf mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/01/2017 sa’aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Daabee

Obbo Kumaa Dayyaasaa Dinquu Kaartaa Lakk. isaa L/0039/2010/P-kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Galmee mana hojii keenya keessaa waan jalaa badeef Galmee kan biraa bakka bu’ee banameefii tajaajilan barbaadan akka naaf keenamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu Galmee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (Galmee) kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Jaarsoo Musaa Nagahee Lakk.isaa 802642 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (Nagahee) kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Obbo Diroo Damee Nagahee Lakk.isaa 82541 fi Kaartaa Lakk.isaa Bur/420/96 kan ta’e,maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bnahee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate ragaa bade kana bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu beeksifna.Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

Caalbaasii Marsaa 2ffaa
M/A/Mirgaa Ayyalech Amdoo faa N-2 fi M/A/Idaa Asnaaqech [Maamituu] Amdoo N-3 gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa maqaa Amdoo Bashiiriin galmaa’ee Magaalaa Baatuu Ganda Tulluu Dambal keessatti ballina M² 737.87 irratti ijaaramee argamu , gatii ka’umsaa caalbaasii qarshii 3,661,161.98n caalbaasiin waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan waraqaa eenyummaafi gatii ka’umsa caalbaasii ¼ qabachuun iddoo mannich argamutti gaafa 16/01/2018 sa’aatii 3:00 - 6:00tti dhiyaachuudhaan dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa.

Bareedduu Qaachaa Nagahee lakk.isaa 0537732 ta’een galmaa’ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. kanaafuu idaadhaanis ta’ee,haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraatye beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabeenyummaa qabiyyee nagahee biroo baafachuu kan danda’an ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Galaan Guddaa

1^{ffaa} Obbo Hirphasaa Amdiisaatiif
2^{ffaa} Aadde Mitikkee Amdiisaatiif
Bakka jirtanitti
Ol’iyyattuun Aadde Silashii Rafeeraafi deebii kennittoota isin jidduu falmii jiru ilaalchisee deebii kennittoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 26/01/2018 sa’aatii 5:00 irratti dhihaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera.Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Kibba Lixaa

Obbo Su’uudii Huseeniif
Bakka jirtanitti
Iyyattuun Aasiyaa Kadiriifi waamamaa isin jidduu falmii diiggaa gaa’elaa jiru ilaalchisee waamamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 25/01/2017 sa’aatii 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan ibsaa kan, hin dhihaanne yoo ta’e,falmiin bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu ni beeksifna.Mana Murtii Shari’aa Ol’aanaa Magaalaa Shaggar.

Caalbaasii Marsaa 2ffaa
M/A/Mirgaa Aadde Kaasech Taammiraatifi M/A/Idaa Tamasgeen Tasfaayee gidduu falmii himannaa raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa qorqoroo luukii 25 ta’e, Magaalaa Bishooftuu Aanaa Biiftuu keessatti ballina M² 131 irratti argamu,kaartaafi pilaanii kan hin qabne, tilmaama gatii ka’umsa caalbaasii qarshii 336,316.82n waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti hirmaachuun dorgomtanii bitachuu barbaaddan gatii ka’umsa caalbaasii 25% CPO dhaan qabsiistanii iddoo caalbaasiin itti gaggeeffamu Kutaa Magaalaa Dhibaayyuu Aanaa Biiftuutti argamtanii dorgomuun bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.Mana Murtii Aanaa Kutaa M,agaalaa Dhibaayyuu.

Aadde Roozaa Hashim Nagahee Lakk.isaa 383297 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaa qabiyyee (Nagahee) kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Dhaabbata Minaayee PLCtiin galmaa’ee beekamu Magaalaa Bishooftuu Aanaa Horaa keessatti argamu Lakk.kaartaa BI/10627/07 bal’inni isaa 380M² irratti argamu na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni arge ykn sababa adda addaatiin arge yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 21keessatti qaamaan dhiyaate akka ibsu beeksisaa, kun ta’uu baannan garuu Waajjirri kaartaa maqaa isaaniitiin hojjetee kan kennuuf ta’uu ni beeksifna.W/aajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu

Obbo Alii Nuur Huseen Nagahee Lakk.isaa 1917301 fi kaartaa Lakk.isaa Bur/2942/98 maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf waajjira keenya gaafataniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun na ilaallata kan jedhu) guyyaa beeksifni kun bahee kaasee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baate raga badee bakka bu’e kan jedhu kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kadaastera Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

Walalaa Alamuu Ayyanuu Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa ykn kaartaa Lakk.L/X/L/D/9319/011 fi Lakk.addaa iddoo QQB/12/011 ta’een maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa waan badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanii iyyataniiru. kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyaatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan,kun kan hin taanee taanaan kaartaa haaraan kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa L/Xaafoo/L/Daadhii.

Himataan Baankii Daashin B/B Darajjee Fayyee fi Himatamaan Yooseef Habtaamuu Garasuuffaa gidduu falmii dhimma hariiroo hawaasaa jiru ilaalchisee himatamaan teessoon isaa waan dhabameef Galmeen cufamee ture deebi’ee kan socho’e ta’uu beektanii beellama beellama gaafa 05/02/2018 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaatan manni murtii ajajeera.M/M/Ol/Go/Shawaa Kaabaa

R/Himataan Obbo Naasir Imaamifi R/Himatamtuun Aadde Soofiyaa Sharif gidduu falmii jiruu ilaalchisee R/himatamtuun himannaa raawwii isinirratti banamuusaa beektanii mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii bellama gaafa 23/01/2018 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaatan manni murtii ajajeera.M/M/A/M/L/Xaafoo/L/Daadhii.

Obbo Kiruubeel Farradanyi kaartaa Lakk.isaa L/S/4018/98 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’e kennamee fi Nagahee Mirriiti Lakk.isaa 1499669 kan ta’e maqaa Obbo Anteenaa Hayiluutiin galmaa’ee kennameef na jalaa badee jira jedhaniiru.Kanaafuu Kaartaa fi Nagahee kana namni idaadhaaniis ta’e haala birootiin qabadheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa egalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate ragaan abbaa qabeenyummaa kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

Obbo Takiluu W/Giyoorgis Lakk.Nagahee 174720 ta’een galmaa’ee kennameef nagahee na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kenname namni idaadhaanis ta’ee haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irra eegalee guyyaa 30 (soddoma) keessatti tooftaa kamiinuu yoo beksifachuu baate ragaan abbaan qabiyyee (nagahee) biroo bafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa shaggaritti Wajjiraa Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Maqaa Abbaa qabeenyaa Obbo Tashoomaa Waldee Minuttaatiin galmaa’ee kan beekkamu Baajaajii Lakk. Gabatee isaa 1-70546 OR kan ta’e Libireen waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu, namni Libiree bade kana arge ykn dhimma gara biraatiif qaamni qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisaa,yeroo jedhame keessatti yoo dhiyeessuu baattan iyyataaf Libiree kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Ejensii Geejjibaa Bulchiinsa Magaalaa Walisoo.

Aadde Buzuu Margaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Daabee keessatti argamu waraqaan ragaa abbaa qabiyyee kaartaa Lakk.isaa 2523/2016 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Dambalaa.

Caalbaasii
Raawwii/M/A/Mirgaa Obbo Saamsoon Salamoon fa’aa N-2 fi Murtii Abbaa Idaa Dhaabbata Isakoor Agiroo Indistirii gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee qabeenya Murtii Abbaa Idaa 1^{ffaa} balbala karraa alaa tokko Bulchiinsa Magaalaa Mojoo Ganda Malkaa Lammii keessatti argamu gatii ka’umsa caalbaasii qarshii 50,000tiin, 2^{ffaa} balbala karraa kan keessaa tokko ka’umsa gatii caalbaasii qarshii 15,000tiin, 3^{ffaa} qorqorroo baay’inni isaa 180 kan ta’e ka’umsa gatii caalbaasii qarshii 54000tiin 4^{ffaa} jenereetara tokko ka’umsa gatii caalbaasii qarshii 1,500,000tiin waliigala gatii caalbaasii qarshii 1,619,000tiin gaafa 14/01/2018 sa’aatii 3:30 hanga sa’aatii 6:30 caalbaasiin waan gurguramuuf namoonni dorgomtanii bitachuu barbaaddan ¼ CPO qabsiisuun dhiyaattanii bitachuu kan danddeessan ta’uu manni murtii ajajeera .Mana Murtii Aanaa Lumee.

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Aadaa

Oliifan Raggaasaa

Goobeefi Shinooyyee - Magaalaa Finfinneetti

Sirnoota aadaafi duudhaa gabbataa Oromoon ittiin jiraachaa tureefi kunuunsee dhalootaa dhalootatti dabarsuun har’aan gahe keessaa taphni Goobeefi Shinooyyee isa tokko. Uummanni Oromoo waktilee uumamaa jiruufi jireenyasaa waliin walsimsiisee waan ilaaluuf waktiin Birraa Oromoof hiikaa addaa qaba. Waktiin Gannaa rooba guddaa waan qabuuf lagni guutuun firaafi fira, hiriyaafi hiriya akkasumas ollaafi ollaa addaan fageessa waan ta’eef Oromoon dukkanatti fakkeessee ilaala. Birraan immoo ifa, hawwiifi gammachuudha. Kanaaf qeerroofi qarreen Oromoo yeroo mara Birraan yoo dhufu faaruu, weedduufi sirboota garaagaraatiin simatu. Sirni kunis Goobeefi Shinooyyee jedhama. Taphni kun tapha qeerroofi qarreen Oromoo ifa Birraa ittiin simataniidha.

Taphni Goobeefi Shinooyyee sonaawwan aadaafi eenyummaa saba Oromoo calaqqisiisan keessaa tokko yoota’u, ayyaana qeerroofi qarreen waktiin Birraa osoo hin seeniin walitti dhufuun simannaa ifa Birraatiif taphataniidha. Taphichi dargaggootaafi shamarraniif calaqqee simannaa Birraa, ibsituu misiraachoofti mallattoo boqonnaa ce’uumsaati. Dargaggoonniifi shamarran tapha kana yeroo taphatanis marga jiidhaa qabataniif ollaarra naanna’uun gammachuufi hawwii Birraaf qaban ibsachuun eebbaafi gumaata fudhatu. Gumaata kanas tokkummaan fudhatanii tokkummaan waliin qooddatu. Kunis waloomaan waliin jiraachuu kan agarsiisuufi barsiisuudha.

Sirnoonni dhufaa darbaa tapha kana dabalatee sirnoota Oromoon ganamarraa kaasee ittiin jiraachaa turerraan dhiibbaa geessisaa turus uummanni kun itti cichee kunuunsuun osoo addaan hin kutin asiin gaheera. Taphni Goobeefi Shinooyyees dhiibbaa kallattii garaagaraatiin irra gahaa tureen bakka tokko tokkotti laafus dhiibbaawwan kana dandamatee waggaa waggaan kabajamaa jira. Keessattuu jijjiiramaa asitti taphni kun Magaalaa Finfinnee dabalatee Godinaalee Oromiyaa garaagaraatti bifa qindaa’een taphatamuu eegaleera.

Taphni Goobeefi Shinooyyee bara kanaas Magaalaa guddoo Naannoo Oromiyaa Finfinneetti bifa hawwataafi miidhagaa ta’een taphatamaa jira. Taphni Goobeefi Shinooyyee bara kanaas Qaammee 01, bara 2017 naannoo Caffee Aannanii irraa taphatamuu eegale. Abbootiin Gadaafi Haadholiin Siinqees jalqabbii taphicharratti argamuun eebbaan kan saaqan yoota’u, Ministeerri Aadaafi Ispoortii Federaalaa, Ministeerri Tuurizimii Federaalaafi jilli naannolee Itoophiyaa garaagaraa taphicharratti hirmataniiru.

Tapha Goobeefi Shinooyyee bara kanarratti qeerroofi qarreen kuma 5’tti tilmaamaman uffata aadaa Godinaalee Oromiyaa garaagaraatiin faayamuuni kan taphatan. Kunis hawwattummaansaa akka dabalu taasiseera. Kana malees taphichi Magaalaa Finfinneetti bifa miidhagaafi hawwatata ta’een qindaa’ee taphatamuun hiika guddaa kan qabuufi ilaalchota dogoggoraa uummata kanarratti kanaan dura gaggeeffamaa ture kan cabsu ta’uu jaalattoonni aadaafi dhalattoonni Oromoo ni dubbatu.

Qeerroofi qarreen taphichaas taphni Oromoon barootaaf taphachaa ture kun dhiibbaa sirnoonni irraan gahaa turaniin laafatus wareegama kaffalameen amma lubbuu horatee jira jedhanii, aadaafi duudhaa abboota keenyarraa nutti darbe kunuunsinee sadarkaa Oromoo madaaluun guddisnee addunyaatti agarsiisuuf cichoominaan hojjachaa jirra jedhan.

Hooggantuun Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa Aadde Jamiilaa Simbiruu sirnicharratti argamuun ergaa dabarsaniin, mootummoonni darban aadaafi duudhaa uummata Oromoo ijaaruun qabeenya biyyaa taasisuurra diiguurratti, beeksisuun addunyaaf qoodurra haguuguun akka dhokatu, dhiibamu, cunqurfamu taasisuurratti akkasumas gahee Oromoon ijaarsa biyyaa keessatti qabu busheessuu, uummatichi seenaa waloo keessatti gahee akka hin qabne fakkeessuurratti xiyyeeffatanii hojjachaa turuu yaadachiisaniiru.

Mootummaan jijjiiramaa ilaalchaafi yaadama gama kanan



ture hiikuun sabaafi sablammoonni biyyattii seenaa uummata Oromoo karaa sirrii ta’een akka hubatu taasifamaa jira. Mootummaan Naannoo Oromiyaa sonaafi duudhaa Oromoo hundee ganamaa Oromummaatti deebisuuf hojii hojjatamaa jiru kana lafa qabsiisuuf ‘Haaromsa Aadaa Oromoo’ labsuun miidhama eenyummaa Oromoo baroota garaagaraan dhufan suphuurratti argama. Haaromsa Aadaa Oromoo kunis aadaafi duudhaa gabbataa uummanni Oromoo qabu misoomsuun gulantaa isaaf malurraan geessisuun dhaloota egeree dhaalchisuuf beekumsa oomishuu, diinagdee ceesisuu, aartii Oromoo ammayyeessuu, miidiyaafi kominikeeshinii biraandessuurratti fuulleeffatee hojiiirra oolaa jira jedhan.

Goobeefi Shinooyyeen bara kanaas Mootummaan Naannoo Oromiyaa cabiinsa kaleessa aadaa, duudhaafi seenaa uummata keenyaa mudate suphuuf ‘Haaromsa Aadaa Oromoo’ labsee yeroo hojiitti hiikaa jirutti kabajamuun adda kan taasisuudha jedhan.

Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaas xiyyeeffannoo mootummaan damee aadaatiif kenne bu’uura godhachuun sirnoota calaqqee aadaa Oromoo ta’an kanneen beekumsaafi ogummaan deeggaruun karaa guddummaa Oromoo madaaluun qindeessee addunyaatti agarsiisuun guddina misooma turizimiifi sochii diinagdee biyyaa keessatti shoora akka qabaatu taasisuuf hojjachaa jiraachuu ibsan.

Taphni Goobeefi Shinooyyee Oromiyaarra darbee sadarkaa biyyaatti beekamtii argachaa dhufeera kan jedhan Aadde Jamiilaan, biirichi tapha kana sadarkaa Afrikaafi addunyaatti beeksisuuf cichoominaan hojjachaa jiraachuus dubbataniiru. Taphichi qeerroofi qarree qofaan kan taphatamu ta’us, ayyaana uummata bal’aa waan ta’eef sonaafi duudhaasaa ganamaa osoo gadi hin dhiisiin guddummaa Oromoo karaa calaqqisiisuu danda’uun akka

kabajamu hojjatamaa jiraachuus himaniiru.

Hojiin amma eegalle kuni ka’uumsa Haaromsa Aadaa Oromooti malee gahuumsaa miti jedhanii, gahuumsi keenya fagoodha. Gahuumsa keenya bira dhaqqabuuf karaa dheeraatu nu hafe waan ta’eef cimnee hojjachuu nu gaafatas jedhaniiru. Abbaa aadaafi duudhaa gabbataa kanaa kan ta’e uummanni Oromoos sirnasaa kaleessa sababoota garaagaraatiin harkatti laafee ture wareegama qaalii kaffalameen har’a deebi’ee dambali’aa jiru kana duudhaafi safuunsaa eegamee akka gaggeeffamu eegumsaafi kunuunsaa guddaa gochuu akka qabu dhaamaniiru.

Ministir Deetaan Ministira Aadaafi Ispoortii Federaalaa Aadde Nafiisaa Almaahaadii, Itoophiyaan addunyaarratti biyya qaroomina bara dheeraa qabdu ta’uu hambaaleen aadaa keenya ragaa ta’uu kaasanii, ibsituu aadaafi eenyummaa Oromoo kan ta’e Goobeefi Shinooyyeen dhaloonni kan itti ijaaramuufi dirqama aadaa yeroo itti aanuuf kan itti of qopheessu sirna guddaa ta’uu dubbataniiru.

Taphni uummata Oromoo biratti bakka guddaa qabu kun kan Oromoo qofa osoo hin taane qabeenya biyyaati waan ta’eef bifa ammayyaa’een qindaa’ee labatatti akka darbu akkasumas sabaafi sablammoonni biyyattii maalummaa tapha kanaa beekuu akka qabu taasisuun barbaachisaadha jedhan.

Ministeerri Aadaafi Ispoortii qabeenya aadaafi seenaa uummata biyyattii imaammataafi tarsiimoowwan adda addaa hojiiirra oolchuun aadaa, duudhaafi seenaan sabaafi sablammoota biyyattii akka qoratamuufi babal’atu taasisuuf hojjachaa jiraachuu eeranii, tapha Goobeefi Shinooyyee fayidaa biyyaalessaaf oolchuuf kan hojjatamu ta’uus dubbataniiru.

Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Wallagga

Obbo Geetaa Baayyuu Axilaabaachootiif Bakka jirtanitti

Himataan Addunyaa Guuttataa fi Himatamaa Daani’eel Fiqaaduu akkasumas G/seenaa Takkallinyi Alamuu fi waamamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee falmitti akka makamtanii manni murtii waan ajajeef beellama gaafa 26/01/2018 sa’aatii 8:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Magaalaa Naqamtee

Aadde Asaffaash Tsaggaayifi Obbo Masarat Marrasaa mana jireenyaa Magaalaa Bubbee ganda 02 keessatti argamu ballinnisaa M² 400 irratti argamu Lakk. kaartaa isaa 1088/BMB/2017 ta’e Obbo Natsaannat Uummataafi Aadde Hiruut Mitikkuutti gurgurachuun maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. Waajjira Qonnaafi Lafa Aanaa Noolee Kaabbaa

Obbo Masarat Marrasaafi Asaffaanesh Tsaggay mana jireenyaa Magaalaa Bubbee ganda 02 keessatti argamu ballinnisaa M² 400 irratti argamu Lakk. kaartaa isaa 1089/BMB/2017 ta’e Obbo Duulaa Asfaawuufi Aadde Tsaayee Shumaatti gurgurachuun maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. Waajjira Qonnaafi Lafa Aanaa Noolee Kaabbaa

Obbo Gaaddisaa Abarraa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Qotaa Najjoo keessatti argamu.lakk.kaartaasaa 4467/2014 ta’e,Obbo Geetachoo Gabbisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kunn bnahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

Aadde Jaallee Turaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii Ganda 01 keessaa qaban ballina M² 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa GK/1019/2012 ta’e,Obbo Alfaduul Abirhaamitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

Aadde Sannayee Zarihuun mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii Ganda 02 keessaa qaban ballina M² 360 irratti argamu,lakk.kaartaasaa GK/2057/2012 ta’e,Obbo Abbushaa Biraanuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

Aadde Tsaay Qannaa mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 16753/WLEN/17 ta’e,Obbo Sintaayyoo Qannootti gurguranii maqaan gara isaanitti akka jijjiirramu iyyataniiru. kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirtraan maqaa kan raawwatuuf ta’uu beeksuifna.Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

obbo Saamu’eel Ummataa Abdataa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo Ganda Le/Ko/Abdiisaa Aagaa keessatti argamu.lakk.kaartaasaa 3970/2013 ta’e,Obbo Ifaa Teessoo Gaasharaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kumn bnahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo

B/B Obbo Daani’eel Waajjiraa faa N-2 kan ta’an Obbo Balaachoo Amsaaluu kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa Obbo Daani’eel Waajjiraatiin galmaa’ee ballina M² 259 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 12486/WBIFLM/13 ta’e,Obbo Takkaalenyi Saamu’eelitti gurguranii maqaan gara bitataatti akka jijjiirramu iyyataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirtraan maqaa kan raawwatuuf ta’uu ni beeksuifna. Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

Obbo Tamasgeen Jibaat mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa B/Qassee Ganda 04 keessatti argamu,ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk. isaa5207/W/Bu/I/F/L/M/N/12ta’e, na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qab dheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bnahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate ragaa abbaa qabeenyummaa haaraan hojjetamee kan kennamuuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamte

Obbo Malkaamuu Tasfaayee mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo Ganda 02 keessaa qaban ,lakk.isaa 3215 ta’e,Obbo Kadiir Mirkanaatti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafgaa Magaalaa Innaagoo

B/B Gannat Xilaahun ,Dastaleem Abdiisaa mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 01 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLM/431/04/017 ta’e,Obbo Margaa Saxxiinyiitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bnahee guyyaa 20 keessaatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Obbo Waaqgaarii Ayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLM/481/04/2017 ta’e,Obbo Dassaalenyi Asaffaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bnahee guyyaa 20 keessaatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Obbo Ifaa Bantii mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLM/153/04/12 ta’e,Obbo Caalii Olijirraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bnahee guyyaa 20keessaatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Aadde Dasgaatuu Luuccoo qabeenyummaa isaanii kan ta’e,mana Magaalaa Yuubdoo Ganda 01 keessatti ballina M² 200 irratti argamu,Obbo Birhaanuu Baabuutti gurgurachuu waan barnbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Misoom Mag/Mana /Qopheessaa Yuubdoo.

Aadde Maariyaa Nagaasaa mana jireenyaa Magaalaa Haroo Sabbuu Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 499/MMLMHS/2011 ta’e,ballina M² 112.8 irratti argamu Aadde Soofiyaa Faarisitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo dhijhaachuu baate gurgurtaan kan raawwatuuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa H/ Sabbuu

Obbo Mohammad Wubineh mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Qassoo Ganda 05 keessatti ballina M² 532.5 argamu,ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 310/M/Q/05 ta’een galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuiuf iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhihaachuu ragaan abbaa qabewernyummaa kaartyaa haaraan an kennamuiuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa M,agaalaa Naqamtee.

Obbo Mohammad Wubineh mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Burqaa Jaatoo Ganda 07 keessatti ballina M² 302 argamu,ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 3522/WMMLMN/11 ta’een galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuiuf iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu ragaan abbaa qabewernyummaa kaartyaa haaraan an kennamuiuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa M,agaalaa Naqamtee.

Obbo Gaaddisaa Naggaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Calalaqii Ganda 03 keessatti ballina M² 300 argamu,ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 4827/W/Bu/I/L/M/N12 ta’een galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuiuf iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu ragaan abbaa qabewernyummaa kaartyaa haaraan an kennamuiuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa M,agaalaa Naqamtee.

Aadde Eelsaabeet Eebbaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Dargee Ganda 02 keessatti ballina M² 240 argamu,ragaan abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 1036/E/M/M/L/M/07 ta’een galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuiuf iyyataniiru.kanaafuu kan arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu ragaan abbaa qabewernyummaa kaartyaa haaraan an kennamuiuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa M,agaalaa Naqamtee.

Obbo Immiruu Ufga’aa mana jireenyaa Magaalaa Biilaa Ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaasaa WBIFLM/499/04/017 ta’e,Obbo Mul’ataa Caaliitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bnahee guyyaa 20 keessaatti haa dhihaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa

Obbo Hundee Nigaatuu Biyyanaa manajireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 06 keessatti ballina M² 351.7 argamu, lakk.kaartaasaa ETH000010295286 ta’e,gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa Obbo Aallelliny Bantii Nagariitti utuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Tashoomee Dabalaa fi Tirfee Amansaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 01 keessatti ballina M² 202.62 argamu,lakk.kaartaasaa ETH000010293366 ta’e,gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa Obbo Eefireem Taammiruutti utuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Damballaash Taammiruu Alamaayyoo mana jireenyaa Magaalaa Gimbii Ganda 03 keessatti ballina M² 160.82 argamu,lakk.kaartaasaa ETH000010293170 ta’e,gurgurtaadhaan dabarsuu waan barbaadaniif gara maqaa Obbo Tamasgeen Immiruutti utuu hin jijjiirramin kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii

Obbo Asaffaa Mardaasaa fi Aadde Buusee Gammachuu mana jireenyaa Magaalaa Bubbee Ganda 02 keessatti ballina M2 200 irratti argamu,lakk.kaartaasaa 1074/BMB/2017 ta’e,Obbo Ittaanaa Kabbadaafi Obbo Dajanee Kabbadaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Lafaa Aanaa Noolee Kaabbaa

B/B Aadde Maaremaa Habtee kan ta’an Obbo Daani’eel Solomoon kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo keessatti maqaa Aadde Maaremaa Habteen galmaa’ee ballina M² 650 irratti argamu lakk. kaartaasaa 17280/WLEN/2007 ta’e, bakka bu’iinsa qananiin maqaa gara isaanii Obbo Daani’eel Solomoonitti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jioraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

B/B 2ffaa Aadde Adaanech Insarmuu kan ta’an Obbo Iddiluu Abboomaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yabaloo keessatti maqaa Aadde Adaanech Insarmuun galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu lakk.kaartaasaa 866/B/1/96 ta’e, bakka bu’iinsa qabaniin maqaa gara isaanii Obbo Iddiluu Abboomsaatti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jioraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yopo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

B/B Wandimmaageny Birhaanuu kan ta’an Obbo Dheerressaa Daggafaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Laaftoo keessatti maqaa Wandimmaageny Birhaanuutiin galmaa’ee ballina M² 200 irratti argamu lakk.kaartaasaa 16266/WLEN/2017 ta’e, Aadde Ayyaanaa Ittafaatti gurguranii maqaa gara isaanitti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

Obbo Naggasaa Bayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal’ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/02/621/2017 ta’e Obbo Fiqaaduu Kabaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Duulaa Naggaa mana daldalaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal’ina lafaa 48m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/954/2011 ta’e Obbo Abirihaam Ligaabaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

B/B Obbo Xibabuu Abarraa kan ta’an Obbo Dhugaasaa Qannoo kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/ Doolloo Ganda Laaftoo keessatti maqaa Obbo Xibabuu Abarraan galmaa’ee ballina M² 484 irratti argamu lakk. kaartaasaa 10246/WMMLM/10 ta’e, bakka bu’iinsa qabaniin maqaa gara isaanii Obbo Dhugaasaa Qannootti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yopo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

B/B Obbo Yaadasaa Baqqalaa kan ta’an Obbo Gammachuu Gaaddisaa kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Doolloo keessatti maqaa Obbo Yaadasaa Baqqalaan galmaa’ee ballina M² 125 irratti argamu lakk.kaartaasaa 17089WLEN/2017 ta’e,bakka bu’iinsa qananiin maqaa gara isaanii Obbo Gammachuu Gaaddisaatti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jioraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

Aadde Xayibaa Mahammad mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal’ina lafaa 250m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/3045/2013 ta’e Obbo Addisuu Mulunaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Aadde Xayibaa Mahammad mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal’ina lafaa 250m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa KG/3045/2013 ta’e Obbo Wangeeluu Mokonnaonitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

B/B Abbaa isaanii Obbo Waakshum Moleefi Haadha isaanii Aadde Alamnesh Mahammad kan ta’an Aadde Ayyaantuu Waakshum Molee kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Yaabaloo keessatti maqaa abbaa isaanii Obbo Waakshum Moleetiin galmaa’ee ballina M² 130 irratti argamu, bakka bu’iinsa qabaniin maqaa gara dhaaltoota Altaayyee Waakshumii fi Ayyaantuu Waakshumitti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatu ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

Obbo Naggasaa Bayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal’ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/02/621/2017 ta’e Obbo Fiqaaduu Kabaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Taakkilee H/Maariyaam mana jireenyaa Magaalaa D/Doolloo Ganda Biiftuu keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee ballina M² 375 irratti argamu lakk.kaartaasaa WHGHDD/5411 ta’e,Obbo Damee Hambaatti gurguranii maqaa gara isaanitti jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jioraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhihaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatuuf ta’uu nio beeksifna.Waajjira Lafaa Maagaalaa D/Doolloo

Obbo Gammachuu Mul’ataa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu kan Lakk.kaartaa isaa 12025/WBIFLM/D/D/12 ta’e bal’inna Lafaa 250M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Obbo Addisuu Lamuu Machiitti gurguranii maqaan akka jijjiiramuuf iyyataniiru.Kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee turtii guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/ Naannoo Bul/Mag/Dambi Doolloo

Obbo Asaggid Ayyalaa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Doolloo ganda Yabaloo keessatti argamu kan Lakk.kaartaa isaa 15942/W/L/16 ta’e bal’inna Lafaa 160M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru bakka bu’iinsa kenne irratti hundaa’uun Obbo Tasfaa Ligaabaatti gurguranii maqaan akka jijjiiramuuf iyyataniiru.Kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Mag/Dambi Doolloo

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Obbo Sisaay Zallaqaa Dabalaa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu kan Lakk.kaartaa isaa 16452/16 ta’e bal’inna Lafaa 150M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru bakka bu’iinsa kenne irratti hundaa’uun maqaan gara Obbo Mikaa’el Naggasaatti akka jijjiiramuuf iyyataniiru.Kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee turtii guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa fi E/ Naannoo Bul/Mag/Dambi Doolloo

Obbo Nikoolaa Bayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu kan Lakk.kaartaa isaa 11138/WMMLM/11 ta’e bal’inna Lafaa 500M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Obbo Sirnaa Amantaatti gurguranii akka jijjiiramuuf iyyataniiru.Kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Mag/Dambi Doolloo

Aadde Taaddaluu Warqinaa Daaqaa mana jireenyaa Magaalaa Dambi Doolloo ganda Yabaloo keessatti argamu kan Lakk.kaartaa isaa Bu/la/2009 ta’e bal’inna Lafaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru bakka bu’insa kennamuuf irratti hundaa’uun maqaan gara Obbo Faantaa Dasaatti akka jijjiiramuuf iyyataniiru.Kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Mag/Dambi Doolloo

Bakka Bu’aa Obbo Dirribsaa Ijiiguu Fufaa kan ta’e Obbo Gurmuu Dumbaalaa mana jireenyaa Magaalaa Dambi-Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu kan lakk.kaartaa isaa 10152/WMMLM/2008 ta’e bal’inna Lafaa 200M² irratti maqaa Obbo Dirribsaa Ijjiguu Fufaan galmaa’ee jiru bakka bu’insa qabaniin maqaan gara isaatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru.kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa fi E/ Naannoo Bul/Magaalaa Dambi Doollo

Dhaaltota Wandaafiraash Wasaraquu kan ta’an B/stuu Asteer Wandaafiraash,Obbo Milkiyaas wandaafiraash,Yisihaaq Wandaafiraash,Dammaqech Wandaafiraash fi Isaayaas Wandaafiraash kan jedhaman mana jireenyaa Magaalaa Dambi Doolloo ganda Yabaloo keessatti argamu kan bal’inni lafaa isaa 450M² fi 290M² fi 328M² irratti maqaa Obbo Wandaafiraash Waaraquutiin gibira itti kaffalaa jiran Dahaaltummaa mirkaneeffataniin faayilli gara maqaa dhaaltota N-6 akka jijjiiramuuf iyyataniiru.Kanaafuu kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Magaalaa Dambi Doolloo

Aadde Gaaddisee Addisuu mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.isaa 7041 Lakk. kaartaa isaa Bu/M/gu/1906/2017 bali’inna lafaa 200M² irratti argamu Obbo Daandii Karrasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaa Magaalaa Gullisoo.

Bakka Bu’aa Obbo Niftaalem Xilaahuun kan ta’an Obbo Alii Adam Abagaaz mana jireenyaa Magaalaa Dambi-Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu kan lakk.kaartaa isaa 12357/WBIFLM/12 ta’e bal’inna Lafaa 160M² irratti maqaa Obbo Niftaalem Xilaahuuniin galmaa’ee jiru bakka bu’insa qabaniin maqaan gara isaatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru.kanaafuu dhimma jijjiirraa kanaa ilaalchisee namni mormii qabu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee turtii guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa fi E/Naannoo Bul/Mag/Dambi Doolloo

Obbo Kurruufaa Waakkennee mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 3/ WBIFLMQ/2017 ta’e bali’inni lafa isaa 187.5M² irratti argamu Aadde Margee Shifarraatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Ceesisaa Abdii mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo ganda 02 keessa qaban Lakk.isaa 1290 ta’e Lakk.kaartaa 1916/W/L/2016 kan ta’e Obbo Abdii Taarraqenyitti kennaan dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyaa beekisfni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa/ Magaalaa Innaangoo

Aadde Caaltuu Waaqjiraa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo ganda 01 keessa qaban Obbo Amsaaluu Ittafaa waliin qaban Lakk.kaartaa 286/47/48 kan ta’e Aannanee Tamasgeenitti dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate guyyaa beekisfni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa/ Magaalaa Innaangoo

Obbo Fayisaa Bantii mana jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 03 keessa qaban ball’inni lafa isaa kaaree meetir iskuweerii 161 irratti argamu Aadde Shaafee Mokonnaonitti dhaaltummadhaan argachuu waan barbaadaniif namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Obbo Raajii Tasfaayee mana jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 02 keessa qaban ball’inni lafa isaa kaaree meetir iskuweerii 400 ta’ee fi Kaartaa isaa MJ/206/2011 kan ta’e Obbo Eebbisaa Geetaachootti gurgurachuu waan barbaadaniif namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Obbo Minyaahil Baayiruu mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK 01/452/2017 ta’e ballina lafaa 200M² irratti argamu Obbo Habtaamuu Dingataatti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Aadde Qulluccee Taaddasaa mana jireenyaa Magaalaa Yuubdoo ganda 02 keessatti argamu Obbo Yaaddesaa Raggaasaatti dabarsanii waan gurgurachuu barbaadaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira M/M/Qoph/Magaalaa Yuubdoo.

Aadde Tanaanyee Maammoo mana Magaalaa Ayiraa ganda 02 keessaa qaban Lakk.manaa 1854/2003 ta’e lakk.kaartaa isaa 291 ta’e Obbo Kuusaa Kabbadeetiif kenneeraaf waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ayiraa.

Obbo Tasfaayee Ittafaa Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessaa mana maqaan isaaniitiin galmaa’ee jiru Lakk.kaartaa isaa --- ta’e lafa bal’inni isaa 200M² irratti ijaaramee argamu Raamata Abiibitti gurguradheen jira jedhaniiru. kan mormu yoo jiraate beekisfni kun bahee hanga guyyaa 20 tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate maqaa kan naanneessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo

Aadde Lalisee Taaddasaa mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo Ganda 02 keessatti ballina M² 500 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 71/IFLM/2017 ta’e,Obbo Milkeessaa Addisuutti gurguratanii waan jiraniif maqaan akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo

B/B B/Sa Nagumaa Hiikaa Gibee kan ta’an Obbo Mitikkuu Ejjetaa Ayyanaa kan jedhaman mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo Ganda 02 keessatti ballina M² 400 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 502/IFLM/2017 ta’e,Aadde Kaarruu Tolaa Gobbuutti gurguratanii waan jiraniif maqaan akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo

B/B B/Sa Salamoon Gammachuu Dhjufeeraa kan ta’an Obbo Mitikkuu Ejjetaa Ayyaanaa kan jedhaman mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo Ganda 02 keessatti ballina M² 400 irratti argamu ,lakk.kaartaasaa 508/IFLM/2017 ta’e,Aadde Koortuu Tolaa Gobbuutti gurguratanii waan jiraniif maqaan akka jijjiirramuuf gaafataniiru.kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhihaatu.Waajjira Waajjira Lafaa Magaalaa Jaarsoo G/Dafinoo



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Aanaa Shanan Dhugootti miira waldorgommii barattoota Mana Barumsaa Addaa Burqaa Hayyootaa

Bushiraa Aliitiin

Iceiittiin milkaa'inaa biyyoota guddatan duuba jiru barnoota qulqullina qabuu lammileef gumaachuudha. Akka biyya keenyaattis mootummaan barattoota beekumsaan gahoomaniifi dorgomoo ta'an horachuuf tarkaanfilee adda addaa fudhataa jira. Kana bu'uura qodhachuunis rakkoolee qulqullina barnootaa furuun haala baruu barsiisuu milkeessuufi fooyya'insa qabxii barattootaa dabaluu mootummaan wagga waggaan tarsiimoo haaraa bocee hojjachaa jira. Hojii hojjetamaa tureefi jiruun firiin gaariin dhufaa akka jiru waanti namatti mul'isu ni jiru.

Haaluma kanaan Godina Harargee Lixaa Aanaa Shanan Dhuuggootti miira waldorgommii barattoota jidduutti uumuun barattoota dorgomaa ta'an oomishuuf xiyyeeffannoon hojjatamaa kan jiru yoo ta'u, hojii hojjatamaa tureenii bara 2017 mana barumsaa tokko qofa keessaa barattoota 22 kutaa 8ffaa xummuran qabxii ulaagaaf barbaachisu guutuun mana barumsa bultii addaatti makamaniiru.

Iceiitii milkaa'inasa mana barumsa tokko qofa keessaa barattoonni 22 mana barumsa bultii addaatti makamu kanas maal akka ta'e ilaalchisees Ittigaafatamaan Waajjira Barnootaa Aanichaa Obbo Hussein Jamaal aanichatti haala barattoota ciccimoo dorgomaa ta'an horachuufi lakkoofsi barattoota mana barumsa bultii addaatti makamani dabalun danda'amurratti hajji bal'inaan hojjatamaa tureera jedhan.

Kanaanis Mana Barumsa Addaa Burqaa Hayyootaa jedhamu aanaarratti hundeessuun barattootaafi barsiisoota ciccimoo manneen barnootaa kutaa shanii hanga saddeetii aanicharraa filatam akka baratan taasisuus himanii barattoonniifi barsiisoonni mana barumsa kana keessatti barataniifi barsiisanis ulaagaan calalamuu dubbataniiru.

Obbo Hussein Jamaal ulaagaalee calallii kunis barsiisoonni dhiiraa qabxii kolleejii 3.2 ol fi dubaraa 3 ol qaban akkasumas madaalli hojii seemisteera 4 walitti aanan 95 fi waggaa 3 ol kan tajaajilan akkasumas barattootni duree shaman 'top 5' qabxii avireejii kutaa torbaa 85 ol kan qaban ta'uus himan.

Haaluma kanaanis manni barumsicha barsiisoonnifi barattoonni manneen barnootaa 30 irraa wal dorgomsii famuun ulaagaalee kana guutuun barsiisoota dhiira 9 fi dubara 1 waliigala 10fi barattoota dhiiraa 26 fi dubaraa 5 waliigala 31 haammachuun bara 2017 hojii baruu barsiisuu akka jalqabe dubbata.

Kaayyoon mana barumsa kana hundeessuutis miira waldorgommii barattoota jidduutti akka uumamu taasisuun barattoota sadarkaa biyyaa bira darbee sadarkaa adunyaatti dorgomaa ta'an oomishuuf kan kaayyeffateedhas jedhan.

Barattoonni guyyaa mana barumsa kanatti makamaniirraa eegalaniis miira kaka'umsaa qabxii seensa mana barumsa bultii addaa fiduun seenuu qabna akkasumas barsiisoonnis barattoonni qabxii mana barumsa bultii addaa akka fidan taasisuu qabna jedhu qabaachaa turaniirus jedha Obbo Hussein Jamaal.

Barattoota kanneenifis ittigaafatamummaafi karaa guutuu ta'een barnootasaanii hordofuun qabxii gaarii akka qalmeessaniif gumii tiraanisfoormeeshinii barnootaa aanichaa waliin mariin gaggeeffamee bajatni akka ramadamuuf taasifamuun addatti mana barumsaa keessatti haalli mijaa'ee fi deeggarsa gara



garaa taasifamaafi akka tures himan.

Kanaanis doormii dabalatee nyaanni mana barumsaatti qophaa'aafii turuufi akkasumas manani kitaabaa hundaa'eefi kitaabni karaa gumii tiraanisfoormeeshinii aanichaatiin guutameefii barachaa turuus ibsanii kutaalee yaaliifi kompiitaraaf walqabatee garuu hanqinni jiraachuufi mana barumsa sadarkaa 2ffaa isaan cinaatti deemaa akka fayyadan kaasanii haqina gama kanaan uumame kanas guutuus itti deemamaa jiraachuus eeraniiru.

Kana malees sa'aa barnootaa idilee cinatti guyyarraa tiitooriyaaliin kennamaafi akkasumas gosa barnootaa hundarraa gaaffiin 'work sheetiin' qophaa'uun raabsamaafii ture jechuun barsiisoonnis mana barumsaa keessatti haalli mijataan uumameefii dabaree dabareen iddoo tokkotti qu'achiisaa turuus eeraniiru.

Barattoonni mana barumsichaa kunneenis hundinuun qormaata biyyoollessaa kutaa 8ffaa bara 2017 qabxii 91 hanga 97.5 galmeessisuus Obbo Hussein Jamaal himanii, akka godinichaatti qabxii olaanaan qormaata biyyoollessaa kutaa 8ffaa bara 2017 barataa mana barumsa kanatti barachaa ture Naa'ol Waayyuu Mahammad jedhamuutu galmeessises jedhan.

Bara 2017 manneen barnootaa kutaa shanii hanga saddeetii aanichaa 30 barattoonni dhiira 827 fi dubara 620 waliigala 1447 qormaata biyyoollessaa kutaa 8ffaa qoramuun barattoonni dhiiraa 816 fi dubaraa 617 waliigala 1433 parsantaa 99.1 gara kutaa 9 darbaniirus jechuun himaniiru.

Obbo Hussein Jamaal barattoonni qormaata biyyoolessaa kutaa 8ffaa bara 2017 qabxii olaanaa fiduun mana barumsa bultii addaa seenuuf qormaata seensa mana barumsa bultii addaa qoraman dhiira 26 fi dubara 5 waliigala 31 keessaahis dhiira 23 fi dubara 2 waliigala 25 darbaniiruus dubbatan.

Barattoota bara 2017 qormaata seensa mana barumsa bultii addaa qoramanii qabxii olaanaa galmeessisuus mana barumsa bultii addaatti makaman kunneen keessaahis barattoonni dhiiraa 20fi dubaraa 2 waliigala 22 Mana Barumsa Addaa Burqaa Hayyootaa kanarraa tahuufi, barattoonni sadi Mana Barumsa Sadarkaa Tokoffaa Dr. Alii Birraarraa akka tahes dubbatan.

Aanichi akka godinatti barattoota bara 2017 qormaata seensa mana barumsa bultii addaa qoramanii

darbaniinis sadarkaa tokkoffaarraa jiraachuus kaasanii hanga ammattis hanga ammattis waggoota afran darban kanatti aanicharraa barattootni 97 mana barumsa bultii addaatti makamuufi barattoota bara 2018 caalatti milkeessuufis ammarraa eegalee qophii gahaan taasifamaa jiraachuus dubbatan.

Manni barumsichaa jalqabuma waggaa duraatti kaayyoo hundeeffameef galmaan gahuus dubbatanii Obbo Hussein Jamaal milkaa'inni dhufe kunis barattota, barsiisootaa, maatii barattootaafi hoggansi sadarkaan jiru keessatti miira kaka'umsa kan uume tahuus eeraniiru.

Obbo Hussein Jamaal muuxannoo kanas caalaatti babal'isuuf cimee kan itti fufu tahuus kaasanii milkaa'ina kana keessattis maatiin barattootaafi gumiin tiraanisfoormeeshii aanichaa gahee guddaa bahachaa akka turanis himaniiru.

Dhimmi barnoota dhimma tumsa waliigalaa barbaadu tahuufi xiyyeeffannoon kennamuufi akka qabus dubbatanii manneen barnootaa hafanis haala ittiin barsiisootaafi barattoota kanarraa muuxannoo fudhatanii itti hojjatan taasifamaa jiras jedhan.

Barattootaa bara 2017 mana barumsa bultii addaatti makamaniifi barsiisoota milkaa'ina kanaaf ittigaafatamummaa fudhatanii barattoota deeggaraa turan badhaasuun caalatti akka ciman taasisuuf karoorfamuus dubbataniiru.

Maatiin barattootaa barattoota Mana Barumsa Bultii Addaa Burqaa Hayyootaa aanicharraa bara kana 2017 mana barumsa bultii addaatti makamaniis yaada kennaniin ijoollee keenya mana barumsaa barsiisootni manneen barnootaa aanicharraa calalamanii barattoota ni gahoomsan jedhamanii itti amanuun filataman itti barsiisaniifi barattoota sadarkaa walqixaarra jiraniin waldorgomuun baratanitti barachuun milkaa'ina kanaaf carraa guddaa taheera jedhan.

Akka maatittis deeggarsa barnootaaf isaan barbaachisu hanga danda'ametti guutuufi haala oolmaa isaanii hordofaa akkasumas bakka isaanii hin galle barsiisaa gaafachaa karaa guutuu taheen yeroo isaanii barnootaafi qo'annaa irratti darbarsuu akka qaban gorsaafi jajjeebeessaa turuus dubbataniiru. Egaa muuxannoon miira waldorgommii Mana Barumsaa Addaa Burqaa Hayyootaa gara biraattis babal'achuu qaba.

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Hidhi Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa bu’aa xiiqiifi agarsiistuu olka’insa Itoophiyaati!

Biyyi keenya Itoophiyaan biyya seena qabeetti madda qaroominaati. Haadha dilbii qabeenya uumamaati. Biyya walabummaashii dhiigaafi lafeen tifikattee asgeesse fakkeenyummaa Afrikaati. Haati qabeenya dilbii keessishii irrishii bishaanii kun waggoota hedduuf rakkoolee keessaafi alaa akkasuma sababa hiyyummaa qabeenyashii kana hojiirra hin oolfatin (under utilized) akka mammaaksa gowwaan galaana keessa dhaabbatee dheebota jedhan kana taanee turre.

Haati laga guddaa Abbayyaa waggootaaf madda anniisaa osoo hin godhatin ilmaanshii dukkana keessa tursiisteetti. Lagni ormaaf madda anniisaa qofa osoo hin taane madda albuudaa ta’aa ture,nuti garuu ormoomnee turre.

Kunimmoo gaabbiifi xiiqii uummata Itoophiyaatti uumeera. Gaabbiifi xiiqii kana immoo akkuma durii sirbaafi geersaan qofa dhaadessuu osoo hin taane humna, beekumsa,qabeenyaa darbees aarsaa olaanaa kaffaluun Abbaayyaa misooma biyyaaf oolchuf tattaaffi taasisuuf waggaa kudha sadii dura dhagaan bu’uuraa kan kaa’ame bu’aa ba’iifi aarsaa guddaa itti kaffalamee coba imimmaanii,dafqaafi dhiigaan kunoo Qaammee 4,2017 eebbifameera. Kunis bu’aa injifannoo dhaloota ida’amuu ta’ee seenaa biyya keenyaa keessatti galmaa’ee jiraata.

Milkaa’ina kana keessatti tattaaffiin naannoo keenyaas olaanaadha.

Eebbifamuun hidhichaa ajandaa misoomaafi mallattoo birmadummaa lammailee biyyattii keessaafi ala jiraniis ta’uun ilaalcha tokkummaa uumeera. Qabeenya uumamaa qabdu misoomaaf oolfachuun Itoophiyaaf mirga uumamaan kenameedha. Danqaan barootaaf dhimma Abbayyaa irratti uumamaa tures tokkumaa uummattoota Itoophiyaan diigameera.

Uummanni Naannoo Oromiyaa milkaa’ina ijaarsa pirojeektii Hidha Haaromsa Guddichaa Itoophiyaaf qabeenya, humna, beekumsaafi hoggansa kennuun gahee olaanaa bahateera.

Haala kanaan bittaa boondii, arjoomaafi SMS 8100A dhaan hanga Qaammee 2017 tti waggoota 14 darban qarshii biliyoona 11, miliyoona 101, kuma 415, 582 gumaachee jira. Bara 2017 keessa qofa gurgurtaa boondiifi arjooma irraa qarshiin biliyoona 1,miliyoona 615,kuma 573,158 ol sassaabameera. Hojiin misooma sululaa hidha haaromsa guddichaafi ashaara magariisaa Oromiyaa keessatti erga ijaarsi pirojeektii kanaa jalqabee kaasee xiyyeeffannaan hojjetamaa jira.

Kanaanis, laggeen gurguddoon sulula Abbayyaa keessa jiran (Jamaa, Hangar, Mogor, Daabbus, Dhidheessaa, Soor, Gabbaa, Gibee, Birbiriifi Gudar) akka hin hir’anne, biyyoo dhiqanii gara Hidha Haaromsa guddichaatti akka hin guunneefi hojjatamaa hojii boonsaan hojjetameera.

Ijaarsi Pirojeektii Hidha Haaromsa Guddichaa hirmaannaa olaanaa uummanni Oromoofi hooggansi isaa gama hundaan godheen bakka kufee turee ka’ee lubbuu horachuun ijaaramee xumuramuun eebbifamee hawwii uummata biyyattii dhugoomsee jira. Kanaafuu uummanni Oromoofi geggeessaan isa keessaa bahee kan dhiibbaa kamiifuu hin jilbeenfanne akkuma kalleessa ijaarsa biyyaafi birmadummaa biyyaa tiksuu keessaatti aarsaa guddaa kafalaa ture ijaarsa piroojeektii Hidha Haaromsaa Guddichaa kana milkeessuun hawwii bara dheeraa uummata biyyatti dhugoomsee jira.

Hidha Haaromsaafi Hojii Dipilomaasii hojetame

Bara dheeraaf Itoophiyaan laga Abbayyaatti akka hin fayyadamne biyyoonni alaa dhiibbaa siyaasaafi diippilomaasii uumaa turuun isaanii ni beekama. Ijaarsi Hidha Haaromsa Guddichaa Itoophiyaa bara 2003 erga eegalamee booda immoo Misiriifi michuwwan ishee dhiibbaa dabalataa uumuudhaan Itoophiyaa doorsisaa



turan. Keessumattuu erga mootummaan jijjiiramaa dhufee as Liigiin Arabaa, Mootummoonni Gamtoomaniifi Mootummaan Ameerikaa ijaarsa pirojeektichaa gufachiisuuf dhiibbaa cimaa uumaa turan.

Abbayya akkuma kaleessa warreen yaa’a gadii jiraniif dhimma jiraachuufi jiraachuu dhiisu ta’e hundaa; biyya keenyaafis har’a dhimma siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa ta’era. Abbayya irratti kan ijaaramee eebbaaf gahe Hidhi Haaromsaa Guddicha Itoophiyaa mallattoo eenymaa uummatichaa ta’ee jira.

Fedhiin Itoophiyaa hiyyummaa mo’achuu malee warra kaan miidhuu akka hin taane hoggansi biyya keenyaa yeroo gara garaatti ibsaa tureera. Sababa kanaanis humnoota biyya keenya harka micciiruuf hojjechaa turan dura dhaabbatee kutannoodhaan injiiffannoo gonfateera. Fedhiin humnoota alaa Itoophiyaan ijaarsa kana akka dhaabdu ykn immoo pirojeektichi to’annoo isaanii jalatti hoganamu dirqisiisuu ture. Hojii dipiloomaasii dhimma hidha haaromsaan waltajjii Adunyaarratti hojjetameen injifannoowwan argamaniin dhugaa biyyi keenya qabdu ibsuun Itoophiyaan dhugaa qabatee yoomiyyuu kan moo’attu ta’uu ibsuun danda’amera. Har’a yeroo pirojeektichi eebbifamu baandaafi baadaan mataa dhukubasata.

Ijaarsa pirojeektichaa bakka addaan cite ture irraa hojimaata haaraafi hoggansa haaraan itti fufsiisuuf tarkaanfii hoggansi jijjiramaa fudhate ajaa’ibsiisaa ture. Tarkaanfii fudhatameen kan gammade ummata biyya keessaa qofa osoo hin taane hawaasi keenya diyaasipooraa jirus itti fufiinsa ijaarsa pirojeektichaatiif bifa haaraan deggersa ol-aanaa mallaqaan, beekumsaan, yaadaan, akkasumas hojii dipilomaasii hojetameen tumsa guddaa godheera. Qabsoo dipilomaasii kana keessaattis gumaachi Diyaaspooraa Oromoo qooda olaanaa qaba.

Bu’aalee hidha haaromsa guddicha irraa argaman

Hidhi Haaromsa guddichaa humna elektiriikaa Industiriwwaan garaagaraa (agroofi maninfakcheriingii),barnootaafi qorannoo, qonna jal’isiifi makanaayizeeshinii, geejibsiisa namaafi qabeenyaaf barbaachisu maddisiisuun utubaa dinagdee biyyaa waan ta’uuf ajandaa misoomaafi birmadummaa biyyaa keenyaa ta’eera. Kana malee hanqina humna ibsaa furuu, jijjirama caaseffama dinagdee ariifachiisuu, sharafa alaa argamsiisuu, humna ibsaa alatti ergamuun galii biyyaa fooyyessuu waan danda’uuf ajandaa misooma biyya keenyaa ta’eera.

Yeroo ijaarsi pirojeektichaa xumuramu biyyi keenya gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaan faayidaa

guddaa ni argatti jedhamee abdatama. Keessumaa humna elektirikaa maddurraa waggaatti doolaara miliyoona 800 hanga biliyoona 1(tokko) kan argattu yoo ta’u, guddina GDP biyyaa irrattis fooya’insa guddaa akka fidu amanama. Karaa biraan tuurizimii, investimantii, geejjibaafi misooma qurxummiif carraa guddaa laata. Haroon uumamu odola 72 waan qabaatuuf riizooritiifi investimantii tuurizimiitiif haala mijataa uuma.

Hidhi Haaromsa Guddichaa gaaffii misoomaa uummata keenyaa deebisuu bira darbee walitti dhufeenya biyyoota ollaa waliin qabnu cimsuu akka danda’u hubachuun danda’ameera. Biyyootni ollaan humna elektiriikaa biyya keenyarraa fudhachuuf fedhiin isaan agarsiisaa jiran walitti dhufeenya dinagdee garii uuma.

Kunis biyyi keenya humna ibsaa biyyoota ollaaf ergituun naannicharratti fayyadamummaa waloo akka dhugoomsiitu taasisaa.

Waliigala wal-ta’insa siyaas-dinagdeefi hawaasummaa gaarii fiduu bira darbee mallattoo walitti hidhamiinsa misooma Afrikaa bahaa akka ta’u amanama.

Hidhaan Haaromsaa Guddichi Itoophiyaa biyyoota yaa’a gadiitiifis bu’aa olaanaa qaba. waggaa guutuu bishaan yaa’insa cicciitiinsa hin qabne waan argataniif humna ibsaa maddisiifachuus ta’ee misooma qonnaa bonee kan duraa caalaatti akka hojjetan carraa kennaaf.

Kana malees, hidhaan haaromsaa guddichi biyyoota yaa’a gadii kanaaf akka madda bishaan haaraatti tajaajila. Yeroo hundaa bishaan hanga isaa dhaabbataa ta’e argachuun, hurkaafi lolaa hammaataan akka isaan hin miidhamne gochuun cinatti human ibsaa argachuun,walitti hidhaminsi guddaan akka uumamu taasisa. Wal shakkiifi wal amantaa dhabuu biyyoota yaa’a Abbayyaa gidduu baroota dheeraadhaaf ture furuudhaan walta’insa naannoo bifa ammayyaa’aa ta’een akka uumamu kan taasisudha.

Walumaa galatti hidhi haaromsa guddichi Itoophiyaa humna sabootaafi sablamoota Itoophiyaan kan hojjetamee xumuramuun eebbaaf kan qaqqabe yemmuu ta’u,baasii waliigalaa Birrii Biiliyoona 233 ta’utu itti bahe.

Hidhichi taarbaayinoota 13 kan qabuufi anniisaa meeggaa waatti 5,150 maddisiisa.

Hidhi haaromsa guddichi Itoophiyaa annisaa biyyattii dachaan kan dabaluufi Itiyoophiyaarraa haroo isa guddaa ta’uun, Odolaawwan 72 uumuu danda’eera. Hidhichi Afrikaarraa hidha isa guddaafi waggaatti Itoophiyaaf galii Doolara biiliyoona 1 argamsiisuu akka danda’us tilmaamamuu isaa ragaan waajjira hidha haaromsa guddicha irraa argame ni ifoomsa.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Beeksisa Caal-baasii Baale

Caalbaasii Bittaa Meeshaalee Bara 2018

Wajjira Maallaqaa Godina Baalee Aanaa Barbaree Seektaroota Aanaatiif kan tajaajilan Meeshaalee Barreessaa,Tonaroota adda addaa ,Meshaalee dhaabbi fi dhumataa,meeshaalee Qulqullinnaa, , Meeshaa dhaabbii biiroo keessaa ,Meshaalee Eleektrooniiksii, Farniicharoota, afaa lafaa, Meeshaalee ijaarsaa, Gommaa konkoolaataa, Bittaa Uffata seeraa hojjattoota fi tajaajila Hodhaa, caalbaasii ifaatiin waldorgomsiisuun bituuf gaazeexaa kallacha Oromiyaa irratti haaluma baheen ulaagaa kanaa gadii tarreefaman gutuu danda’an dorgomu ni danda’an.

- Dorgomtoonni dame hojii ittiin dorgomaniin heyyama daldalaa bara 2017/2018 tiif haroomee dhiyeesu qabu.
- Dorgomtoonni gibira baraa kanfaluu isaani kan mirkaneessuu ragaa Wajjira Abbaa Taayitaa Galiwwaanii irraa ykn gibira baranaa kanfalanii heyyama daldalaa haroomee ykn haraa yoo ta’an heyyama daldalaa haaraa dhiyeesu qaban.
- Waraqaa ragaa galma’aa VAT, Ragaa TIN (tax payer identification number) ,Waraqaa ragaa Dhiyeesummaa (supplier list certificate) dhiyeessuu qaban.
- Dorgomaan kamiyyu Kabachiisa caalbaasii cpon qarshii qarshii .50,000.00 Maqaa Wajjira Maallaqa Aanaa Barbareetiin qophaa’ee **sanada caalbaasii Teekniikaalaa Oriijinaalaa** waliin dhiyeesu qabu.
- Dorgomtoonni sanada ittiin dorgoman- Sanada dorgomii **faayinaanshiiyaalaa Oriijinaalaa** , Sanada dorgomii **faayinaanshiiyaalaa kooppii** ,Sanada dorgomii **Teeknikaalaa Oriijinaalaa (Heyyama daldala, Ragaa TIN,VAT,CPO,supplier list certificate kkf)** kophaa kophaa tti poostaa sadiitiin (3) saamsuudhaan chaappaa dhabatiichaan irratti rukutuun hogganaa dhabatichaan mallateeffame dhiyaachu qabaa.
- Dorgomtoonni sanada gatii ittiin dorgoman VAT waliin waliin gutu qaban.
- Dorgomtoonii saamuda meeshaalee **farnicharoota, afaa lafaa, Uffata Hojjatoota** caalbaasiin osoo hin banamiin guyyaa tokkoo dursuun wajjira Maallaqaa Aanaa Barbareetti kuta 4 dhiheessu qabu.
- Dorgomtoonni sanada caalbaasii guyyaa caalbaasiin bahee irraa eegalee guyyaa hojii 15 walitti aananiin qarshii hin deebinee **qarshii .500.00** (dhibba shanii) sanadoota Meeshaalee Barreessaa,Tonaroota adda addaa ,Meshaalee dhaabbi fi dhumataa,meeshaalee Qulqullinnaa, , Meeshaa dhaabbii biiroo keessaa ,Meshaalee Eleektrooniiksii, Farniicharoota, afaa lafaa, Meeshaalee ijaarsaa, Gommaa konkoolaataa) tiif Baankii **Siinqee** Maqaa lakkoofsa herreega baankii **1071290940317**tiin galchuun sanada Wajjira Maallaqa G/Baalee Aanaa Barbareetti lakka kutaa 4 irraa bitachuu ni danda’amaa.
- Dorgomtonii sanadoota ittiin dogoman irratti maqaa dhabbata dorgomee, naannoo itti argamu, lakka bilbilaa, lakka faaksii, barreesuun mallatteesuun chaappaa dhabatiichaa irratti dhahuun dhiyeesu qaban.
- Sanadnii dorgomiif dhiyaatu qulqulinaan barreefamee haqamaa fi laaqamaa Kan hin qabnee ta’u qabaa.
- Dorgomtoonni sanada ittiin dorgoman irratti ibsa meeshaa ibsaman alatti haaqu fi laaquun kan ofii dabaluuun hin danda’amu. Filannoo biraa kan fooya’ee yoo jiraatee waraqaa biraa irratti galmeessuun sanada yaada dorgommii irratti mallatteesuun chaaphaa dhaabatiichaa irratti rukutuun dhiyeesuun ni danda’amaa.
- Dorgomtoonni meeshaalee ittiin dorgoman irratti **moodeela fi Braandii meeshaalee akkasumas biyya itti omishaman** barreesu qabu. Meeshaalee **moodeelaa fi Braandii meeshaalee gutamuu qaban** osoo hin gutamiin gatii qofa gutuun kan dorgooman yoo ta’ee gatiin guttamee gara waldorgoomiitiif hin darbu.
- Doorgoomaan kamiyyuu erga caalbaasiin banamee haalawwaan sanada caalbaasii irratti ibsaman jijjiiruu ykn fooyyeesuu ykn caalbaasii keessaa bahuun hin danda’amu.
- Dhiyeessaan meeshaalee ittiin moo’atee baasii hunda danda’uun fiiduudhaan gola meeshaa wajjira Maallaqaa Aanaa Barbareetti galii gochuu qabaa.
- Dorgoomaan moo’ataa ta’ee xalayaadhaan ibsameef guyyaa hojii 5ffaa booda guyyaa 6ffaa irraa egalee guyyoota 15 keessatti wajjira Maallaqaa Aanaa Barbareetti dhiyaachuun kabachiisa Waliigaltee %10 qabsiisuun waliigaltee seenu qabaa.
- Dorgoomaan **kabachiisaa waliigaltee** gatii ittiin moo’atee waligalaa irraa qarshii %10 CPO dhaan maqaa wajjira maallaqa Aanaa Barbareetti qabsiisuu qaba. **Kabachiisaa waliigaltee qrshii %10 cpon qabsiifamee** hanga waliigalteen raawwatamutti wajjiraatti qabamee Kan turuu ta’aa.
- Dorgoomaan haala waliigaltee seenameen diirqama isaa yoo bahuu baatee ykn haala waliigalteen yoo raawachuu baatee **kabachiisaa waliigaltee tiif maallaqa %10 cpon** qabsiifamee mootummaaf gaalii ta’aa.
- Dorgoomaan waliigaltee akka seenu yeroo yaamiicha godhameef keessatti wajjiratti dhiyaatee waligaltee kan hin seennee yoo ta’e kabachiisaa caalbaasii CPO’n qabsiifamee mootummaaf galii ni godhamaa.
- Caalbaasiin guyyaa qilleensa irraa olee kaasee guyyaa hojii 16ffaa ganama sa’aa **3:30** tti cufamee guyyuuma kana sa’aa **4:00 tti** bakka dorgoomtoonii ykn bakka bu’oonii argamanitti ni banamaa.Guyyaan baniinsaa ayyaanaa ykn cufaa yoo ta’ee guyyaa hojii itti aanuu caalbaasiin ni banamaa.
- Sanduuqni caalbaasii guyyaa beeksiifni caalbaasii qilleensa irraa olee kaasee hanga guyyaa hojii cufiinsa caalbaasii, yeroo hojii hundumaa sanduqni caalbaasii banaa ta’ee kan turuu waan ta’eef dorgoomtoonni sanada dorgoomii isaanii sanduuqa caalbaasii keessa galchuu ni danda’an.Erga sanduuqni caalbaasii cufamee booda sanada caalbaasii dhiyaatu fudhatama hin qabu.
- Meeshaaleen dhiyaatan haala ibsa meeshaa waligalameen oriijiinaalaa yoo ta’uu baatee wajjirri bittaa raawwatu meeshaa ykn tajaajilaa hin fudhatu kaffaltis hin raawwatu.
- Dorgoomtoonni adeemsa caalbaasii irratti koomii yoo qabaatan barreefamaan wajjiraaf dhiyeessu ni danda’u.
- Wajjiriichi dhiyeessaaf kaffaltii gatii meeshaalee ykn tajaajila kan raawwatu haala waligalteetiin meeshaalee ajajaman **qulqullinnaa fi baayyiina meeshaa** ajajaman galii ta’u isaanii raga (Moodeela 19) yammuu dhiyeessu ta’aa.
- Dorgomtoonii heyyama hojii daldala kallattii qabaniin qofa dorgomuu qaban, heyyama daldala kallattiin osoo hin qabaatiin gatii gutuun kan dorgooman yoo ta’ee gatiin gara wal-dorgomii gatiitiif hin darbu.
- Dorgomtoonii sanada dorgomii bitatan gatii doorgoomiif ittiin gutaniis ta’ee gatii kan irratti hin gutamnee osoo irraa hin hambiisiin gutuu isaa saamsuun deebiisuu qabaa.
- Caalbaasiin ragga’ee kan ittii turuu haaluma qajeelfama bittaa irratti ibsameen ta’aa.
- Wajjiriichii filannoo biraa yoo argatee caalbaasii gutuumaan gututtii ykn gartookkeen haquuf mirga ni qabaa.
- Dorgoomaan kamiyyuu moo’ataa ta’ee dhiyaatee meeshaa osoo hin dhiyeesiin dura wajjira bittaa raawwatu waliin kabachiisa waligaltee baankii beekkamaa irraa qarshii cpon %10 qabsiisee waliigaltee seenuuf dirqama qabaa.**Ibsa dabalataaf lakka bilbilaa 0910970426 bilbiluun gaafachuun ni danda’amaa. Wajjira Maallaqaa Godina Baalee Aanaa Barbaree**

Caalbaasii Ifaa Bittaa Meeshaalee Bara 2018

Godina Baaleetti Wajjirri Maallaqaa Aanaa Gaasaraa seektaroota Aanaatiif kan tajaajilan Meeshaalee Barreessaa,Toonaroota adda addaa ,Meeshaalee dhaabbii fi dhumataa,meeshaalee Qulqullinnaa,, Meeshaa dhaabbii biiroo keessaa Meshaalee Elektirooniksii, Farniicharoota, afaa lafaa, Meeshaalee ijaarsaa, Gommaa konkoolaataa , Meshaalee jijjirraa konkoolaataa ,Bittaa Uffata seeraa hojjattootaa,Doqdoqqee fi meeshaalee leenjii kollejii BLTO caalbaasii ifaatiin wal dorgomsiisuun bituuf daldaaltota ulaagaa kanaa gadii tarreeffaman guutuu danda’an dorgomuu ni danda’an.

- Dorgomtoonni damee hojii ittiin dorgomaniin heyyama daldalaa bara 2018tiif haarome dhiyeessuu qabu.
- Dorgomtoonni gibira baraa kafaluu isaanii kan mirkaneessu ragaa Wajjira Abbaa Taayitaa Galiwwanii irraa ykn gibira baranaa kanfalanii heyyama daldalaa haarome ykn haaraa yoo ta’an heyyama daldalaa haaraa dhiyeessuu qaban.
- Waraqaa ragaa galma’aa VAT, Ragaa TIN (tax payer identification number) ,Waraqaa ragaa Dhiyeesummaa (supplier list certificate) dhiyeessuu qaban.
- Dorgomaan kamiyyuu Kabachiisa caalbaasii CPOn qarshii **30,000.00** (kuma soddoma) Maqaa Wajjira Maallaqa Aanaa Gaasaraatiin qophaa’e dhiyeessuu qabu.
- Dorgomtoonni meeshaalee saamuda barbaadan guyyaa dorgommiif dhiyaatan qabatanii dhiyaachuu qabu.
- Dorgomtoonni sanada caalbaasii guyyaa caalbaasiin bahee irraa eegalee guyyaa hojii 15 walitti aananiin qarshii hin deebinee qarshii **300**(dhibba sadii qofa) Baankii daldalaa Itiyoophiiyaa Maqaa lakkoofsa herreega baankii **Gasera Wereda FED** tiin Lakkoofsa herrega baankii **1000163167909** galchuun sanada Wajjira Maallaqa A/Gaasaraa tti lakka kutaa 3 irraa bitachuun ni danda’ama..
- Dorgomtoonni sanada ittiin dorgoman irratti ibsa meeshaa ibsaman alatti haquu fi laaquun kan ofii dabaluun hin danda’amu. Filannoo biraa kan fooyya’e yoo jiraate waraqaa biraa irratti galmeessuun sanada yaada dorgommii irratti mallatteessuun chaappaa dhaabatichaa irratti rukutuun dhiyeessuun ni danda’ama.
- Dorgomtoonni meeshaalee ittiin dorgoman irratti **moodeela fi Biraandii meeshaalee akkasumas biyya itti oomishaman** barreessuu qabu. Meeshaalee **moodeelaa fi Biraandii meeshaalee guuttamuu qaban** osoo hin guutamin gatii qofa guutuun kan dorgoman yoo ta’e gatiin guuttame gara waldorgommiitiif hin darbu.
- Dorgomaan kamiyyuu erga caalbaasiin banamee haalawwaan sanada caalbaasii irratti ibsaman jijjiiruu ykn fooyyeesuu ykn caalbaasii keessaa bahuun hin danda’amu.
- Dhiyeessaan meeshaalee ittiin moo’atee baasii hunda danda’uun fiiduudhaan gola meeshaa wajjira Maallaqaa A/Gaasaraatitti galii gochuu qabaa.
- Dorgoomaan moo’ataa ta’ee xalayaadhaan ibsameef guyyaa hojii 5ffaa booda guyyaa 6ffaa irraa egalee guyyoota 15 keessatti wajjira Maallaqaa A/Gaasaraatti dhiyaachuun kabachiisa Waliigaltee %10 qabsiisuun waliigaltee seenu qaba.
- Dorgomaan **kabachiisa waliigaltee** gatii ittiin moo’ate waliigalaa irraa qarshii %10 CPO dhaan maqaa wajjira Maallaqaa Aanaa Gaasaraatiin qabsiisuu qaba.**Kabachiisa waliigaltee qarshii %10 CPOn qabsiifamee** hanga waliigalteen raawwatamutti wajjiraatti qabamee Kan turuu ta’aa.
- Dorgomaan haala waliigaltee seenameen dirqama isaa yoo bahuu baatee ykn haala waliigalteen yoo raawwachuu baatee **kabachisaa waliigaltee tiif maallaqa %10 CPOn** qabsiifamee mootummaaf galii ta’aa.
- Dorgomaan waliigaltee akka seenu yeroo yaamicha godhameef keessatti wajjiratti dhiyaatee waligaltee kan hin seennee yoo ta’e kabachiisaa caalbaasii **qarshii 30, 000.00** CPOn qabsiifamee mootummaaf galii ni godhamaa.
- Caalbaasiin guyyaa qilleensa irraa olee kaasee guyyaa hojii 16ffaa ganama sa’aa 3:00 tti cufamee guyyuuma kana sa’aa 3:30 tti bakka dorgoomtoonii ykn bakka bu’oonii argamanitti ni banamaa.Guyyaan baniinsaa ayyaanaa ykn cufaa yoo ta’ee guyyaa hojii itti aanuu caalbaasiin ni banamaa.
- Sanduuqni caalbaasii guyyaa beeksiifni caalbaasii qilleensa irraa olee kaasee hanga guyyaa hojii cufiinsa caalbaasii, yeroohojii hundumaa sanduqni caalbaasii banaa ta’ee kan turuu waan ta’eef dorgomtoonni sanada dorgommii isaanii sanduuqa caalbaasii keessa galchuu ni danda’an.Erga sanduuqni caalbaasii cufamee booda sanada caalbaasii dhiyaatu fudhatama hin qabu.
- Dorgomtoonni adeemsa caalbaasii irratti komii yoo qabaatan barreefamaan wajjiraaf dhiyeessuu ni danda’u.
- Wajjirichi dhiyeessaaf kaffaltii gatii meeshaalee ykn tajaajila kan raawwatu haala waligalteetiin meeshaalee ajajaman **qulqullinnaa fi baay’ina meeshaa** ajajaman galii ta’uu isaanii ragaa(Moodeela 19) yammuu dhiyeessu ta’a.
- Caalbaasiin ragga’ee kan itti turu haaluma qajeelfama bittaa irratti ibsameen ta’a.
- Wajjirichi filannoo biraa yoo argate caalbaasii guutumaan guututtii ykn gartokkeen haquuf mirga ni qaba.
- Dorgomaan kamiyyuu moo’ataa ta’ee dhiyaatee meeshaa osoo hin dhiyeesiin dura wajjira bittaa raawwatu waliin kabachiisa waligaltee baankii beekkamaa irraaqarshii CPOn %10 qabsiisee waliigaltee seenuuf dirqama qaba. **Ibsa dabalataaf lakk. bilbilaa 0912466373/0913838788 bilbiluun gaafachuun ni danda’ama.Wajjira Maallaqaa A/Gaasaraa**

Caalbaasii Ifaa Bittaa Meeshaalee Marsaa Iffaa Bara 2018

Godina Baalee Bahaatti Waajjirri Mallaqaa Magaalaa Gindhiir Bara Bajataa 2018 tiif kan oolu Bittaa, Uffata Seeraa Hojjatootaa ,Meeshaalee Barreessaa , Meeshaalee Barnootaaf Oolan, Meeshaalee Qulqullinaa , Meeshaalee Dhaabbii Xixxiqaa Dhumataa , Meeshaalee habbataa / Elektironiksii ,Farnichara Meeshaalee Barnootaa poolii Teeknikaa, Goommaa Konkolaataa fi Goommaa Motoraa,/Motorsaaykilii Doqdoqqee / , Meeshaalee Ijaarsaa ,Afataalee fii **kan kana fakaatan caalbasii ifaatiin dorgomsiisee bituu barbaada .**

Haaluma kanaan dorgomtoota seera qabeessaa fi ulaagaalee armaan gadii kan guuttan dorgomuu kan dandeettan ta’uu ni ibsina.

- Gibira **bara 2018** kan kafale, lakk.eyyamaa (**TIN**) fi Hayyama daldaalaa sirrii ta’e kan qabu. tarreefama dhiyeessummaa keessatti kan galmaa’e. **Hayyama daldalaa bara 2018** kan haaromsiise ykn **xalayaa haromsiisuu isaa qaama ilaalu irraa dhiyeefachuu** kan danda’u .

- Bittaa gatii**Qar. 100,000** fi isaa ol ta’eef dhiheessaan kafaltii **waraqaa ragaa VAT/15%** dhiheefachuu fi **xalayaa ragaa galmeeffamaa** ta’e kan qabu.

- Dorgomaan kabachiisa caalbasii qarshii **10,000.** /kuma kudhan/ “CPO” isaa bankii dhaan kan mirkanaa’e qabsiisuu kan danda’u. waldaa IMX yoo ta’ee qaama isa ijaare irraa xalayaa deeggarsaa waajjira keenyaaf dhiyeesuu qabu. kabachisaa waliigaltee % 10. /qarshiidhaan W/kenyaatti qabsiisu qabu.

- Sanada caalbaasii **Qarshii 1000.00 (kuma tokko)** kan hin deebineen bitachuu kan danda’u.

- Dorgomaan moo’achuu isaa ibsameef ajajni bittaa erga kennameef booda guyyoota hojii Mootummaa **20**/digdama/ keessatti meeshaa qulqullina qabu bifaaf baay’ina gaafatameen geejjiba isaatiin Waajjira Mallaqaa Magaalaa GindhiirItti dhiyeessuu qabu.

- Dorgomaan yeroo gatii guutu meeshaa tokkoof gatii tokkoo qofa guutuu qaba.

- Dorgomtoonni dorogoman bakka **naamunaa** / suuraa /meeshaa jedhutti dhiheessuun isaan irra jira. dokmantii ittiin dorgoman orjinaalaa fi koppii isaa adda addatti poostaadhaan saamsamee chaappaa dhaabbatichaa,mallattoo , lakk.Bilblaa fi teessoo isaa waliin deebisuu qabu.

- Waajirri meeshaa bitu irratti akka barbaachisummaa isaatti **%10** dabaluu fi hir’isuu mirga ni qaba.

- Dorgomaan sanada bittaa guyyaa beeksifni caalbaasii gaazexaa kallacha Oromiyaatiin bahe irraa kaasee guyyoota hojii mootummaa **kudha shan(15)** keessatti hanga **saa’atii 11:30 tti** waajjira galiiwwan Magaalaa Gindhiir irraa yeroo hojii mootummaatti bitachuu ni danda’a.

- Sanduuqni caalbaasii kan cufamu **guyyaa 16ffaa** ganama **sa’aatii 3:30 tti** ta’a .guyyaan kun guyyaa **ayyaanaa** irra oolee yoo ta’e guyyaa itti **aanu guyyaa** hojii mootummaa ta’a.

- Caalbaasiin kan banamu guyyuma kana ganama saa’ati **4:00** irratti W/M/ M/Gindhiirtti yoo ta’u bakka dorgomtoonni fi bakka buutonni seera qabeessaa argamanitti ta’a.

- Dorgomtoonni dorgoman sanada ittiin dorgoman irratti **bifa /modela meeshaa** / ibsuu qabu.

- Dorgomaan Kamiyyuu Kan dorgomuu danda’u haala hayyama daldalaa qabuun qofa ta’uu hubachuu qaba , kanaan ala kan dorgmu yoo ta’e caalbaasii keessaa ni haqama.

- Sanadni caalbaasiii erga sanduqni saamsamee booda dhiyaatu kamiyyuu fudhatama hin qabu.

- Dorgomaan mo’atee waligaltee bittaa erga fudhate booda ji’ota jahaaf (6) akka turu beeku qaba.

- Dorgomaa kanaan dura waajjira bittaa raawwatu waliin waliigaltee mallateesse **diige**(dhiyeessuu dide)caalbaasii irratti hirmaachuun hin danda’amu.

- Moo’ataadhaaf kafaltiin kan raawatamuuf meeshaalee dhiyaate ilaalee kan mirkaneessu **koree qulqullina meeshaa** seektaroota irraa dhaabbateen fudhatama yoo argate qofaadha.

Hubachlisa :Waajjirichi carraa biraa yoo argate caalbasicha walakkaadhaan ykn guutummaan gutuutti haquu mirga ni qaba.

Odeeffannoodhaaf- Lak.bilbilaa, 09-13-44-17-96, 09-53-68-11-94 .092003546
Waajjirri Mallaqaa Magaalaa Gindhiir

Boorana

Caalbaasii

Godina Gujii Waajjirri Maallaqaa Aanaa Sabba Boruu Sekteralee hojii mootummaa Aanicha keessatti argaamanif meeshalee dhaabbii, Meeshalee Elekitirooniksii, Meeshaalee dhumoo, uffataa seera kaardii baraatoota fi kkf. bara bajaata 2018 tiif caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee bituu barbada. Kanafuu caal-baasii irrattii dorgomtootni hirmachuu barbadaan, akkatuma armaan gaditti ibsameen dhiyaatanii dorgomuu ni dandetu.

- Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanitin heyyamaa daldalaa isaan seera qabeessa ta’ee gibira hojii Bara 2018 Kan ittin kaffalan eyyama daldala bara 2018 kan haromfate ta’u qaba.
- Dorgomtooni dhiyaatan galma’aa taaksii dabalataa (VAT) galmaa’uu isaanitiif raga dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
- Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Kun Gaazexaa Kallalcha oromiyaatiin ba’ee eegalee guyyaa hojii 15 keessatti W/Mallaqaa Aanaa Sabbaa Boruutti dhiyaatee qarshii hin deebine 100 (Dhibbaa) qofan bitachuu ni danda’u.
- Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan oolu Cpo Baankiin kan mirka’ee 5,000 (kuma shan)qabsiisu kan danda’u.
- Dorgomtootni Meeshaawwan qulqulina qaban dhiyeessuu danda’u ta’u qaban.
- Sanadaa Caalbaasii kan haqamaa fi laaqama kan hin qabne poostaa orjiinalaa fi koopii isaa kan hin banamne samiin saamsamee guyyaa gazeexaan kun bahee irraa kaase guyyaa hojii 16 keessattii W/Mallaqaa /A/S/Boruutti dhiyeessu qaba.
- Sanduqii Caalbaasii kan cufamu guyyaa Gaazexaan bahee irraa kaase guyyaa hojii 16ffaa sa’atii 4;30 irraattii sanduqaa qophaa’eettii galee guyyuma kana sa’atii 5;00 irraattii bakka dorgoma ykn bakka bu’oonnii seera qabeessummaa qabani fi koreen caalbaasii Aanaa jiranitti W/Mallaqaa /A/S/Boruutti ni banama.
- Mo’ataan Caal Baasiitiif qarshiin kan kaffalamuuf Meeshaalee Mana Kuusaa Waajjira Mallaqaa fi Waltahiisa diingdee Aanaa Sabbaa Boruu Moodela 19 erga galchee fi nagahee Seera qabeessa erga dhiyeesseen booda kan kaffalamuuf ta’a.
- Mo’ataan caal-baasii meeshalee ittiin mo’atee hundaa hangaa W/Mallaqaa Aanaa Sabbaa Boruuttii dhiyeessuu qaba.
- Afaan caal-baasichaa Afaan oromoo tiin.
- Waajjiricha filannoo fooyya’e yoo argatee caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan Kan eegame dha. **Odeeffannoo dabalataaf_Lakk.Mobile 0923475797, 0916136719 ykn 0933796821 ykn 0934237535 ykn 0926491308**
Waajjira Mallaqaa Aanaa Sabbaa Boruu

Caalbaasii Mana Murtii Ol’aanaa Godina Gujiitti Mana Murtii Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo bara bajaata 2018 hojii mootummaatiif bittaa meeshaalee dorgomtoota dorgomsiisee caal-baasii ifaatiin bituu barbaada. Gosa Meeshaalee Dhaabbii, Farnichaaraa, Elektrooniksii, Meeshaalee Barreefamaa, Meeshaalee Qulqullinna, Bittaa uffata seera, Meeshaalee dhaabbii xixxiqqa biiroof keessaa bituu barbaada.Kanafuu Caal-baasii irraattii dorgomtootni hirmaachuu barbaadaan, bu’urumaa kana gadittii ibsameen dhiyaatanii dorgomuu ni dandeetu. - Dorgomtootni Kallattii hojii daldalaa isaanittiin heeyyamaa daldalaa bara 2017 kanaa haromsan isaan seera qabeessa ta’ee gibira bara 2018 ittin kaffalan, facaatii (list/ kennaa Tajajilaa keessan ragaa Sanadootaa ittin galma’an fi galma’a Faayinaansii fi ragaa Lakkofsa TN Fotookooppii isaa Sanadaa caalbaasii waliin qabsisaan dhiyeesuu qabu. - Dorgomtoonni dhiyaatan Galma’aa taaksii dabalataa (VAT) galma’uu isaanitiif raga fotoo kooppii dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba Akkasumas IMXn fi woldaaleen TOT dhikeeffachuu qabu . - Dorgomtootni Sanada caalbaasii guyyaa beeksifni gaazeexaa kallachaa Oromiyaatiin ba’ee irraa egalee guyyoota hojii 15 keessaatti yeroo hundaa sa’ati hojii gosa sanadaa caalbaasii tokkon tokkon isaaf mallaqaa hin deebine qarshii 100(Dhibbaa tokko) kaffaluun Adeemsa bittaa Mana Murtii Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo lakk.2 ittii dhiyaachuun sanadaa bitachuu ni danda’u. - Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa caalbaasiif kan oluu gatii tilmaamaa bittaa wal gala irraa % 2 Maqaa Dorgomaa CPO ykn cheekii bankiidhaan Mirkanaa’e sanadaa Orjinaalaa caalbasichaa waliin qabsiisee dhiyeesuu qaba. - Dorgomtootni sanada caalbaasii Meeshaalee Barreefamaa, Meeshaalee qulqullinnaa, Maxxansaalee, Meeshaalee Dhaabbii xixxiqoo biiroo keessaa fi Meeshaalee Elektrooniksii. - Dorgomtootni sanada caalbaasii Meeshaalee Elektrooniksii, Meeshaalee Barreefamaa, Meeshaalee Qulqullinna, Maxxansaalee, bittaa uffata seera, meeshaalee dhaabbii xixxiqqa biiroo keessaa - Dorgomtootni sanadaa Caalbaasii Meeshaalee dhaabbii /Furniture/, Bittaa Uffata Seeraa. - Meeshaalee armaan olitti ibsamee dorgomtootni sanadaa caalbaasichaa Poosta Saamsameen Orginaalaaf kooppii addaa baasuun guyyaa beeksisni bayee qilleensarra oolee kaasee guyyaa 15 keessatti guyyaa hojii sa’ati 2:30 hanga sa’ati 11:30 sanduqaa poostaa caalbaasichaa kanaf qaphaa’e keessaa galchuu qabu. - guyyaa 16/01/2017 sa’aati 4:00 dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii akkasumas tajjabdoonni bakka argamanitti Mana Murtii Aanaa Ardaa Jilaa me’ee Bokkoo keessaatti banamaa. - Meeshaalee armaan olitti ibsamee dorgomtootni sanada Caalbaasichaa guyyaa 16/01/2018 sa’ati 08:00 dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii akkasumas tajjabdoonni bakka argamanitti Mana Murtii Aanaa Ardaa Jilaatti keessaatti banama. - Mo’ataan Caalbaasii Meeshaalee ittiin mo’ate hunda Mana Murtii Aanaa Ardaa Jilaa me’ee Bokko dhiyeessuu qaba. - Afaan Caalbaasichaa ittiin gaggeeffamu Afaan Oromiffaatiin. - Manni hojii Filannoo fooyya’e yoo argate caalbaasicha guutummaan guututti ykn gar tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan kan eegamee dha. Odeeffannoo dabalataaf, Lakk. Mobayilii +251923154757,0977936214 Mana Murtii Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo

Caalbaasii Iffaa Bahe

Godina Gujiitti Waajjirri Maallaqaa Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo manneen hojii mootummaa Aanicha keessatti argamaniif Meeshaalee Barreefamaa, Meeshaalee Electronics, Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Dhaabbii Xixxiqqaa waajjira Keessaa, Meeshaalee dhumoo adda addaa, uffata seeraa, Meeshaalee Dhaabbii gurguddaa (Furniture), Motora Tvs, Motora Boxer fi Korboo Konkoolataa Bara Baajata 2018tiif Caal-baasii ifaa ta’een wol-dorgomsisee bituu barbaada. Kanaafuu Caal-Baasii irratti dorgomtootni hirmaachuu barbaaddan, bu’uuruma kanaan gadiitti ibsameen dhiyaattanii dorgomuu ni dandeettu.

Ulaagaa barbaachisoo

- Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanitiin Heeyyama daldalaa bara 2017 haaromsuu isaan seera qabeessa ta’ee gibira Bara 2018 Kan ittin kaffalan, facaatii /list/ kennaa tajaajilaa keessa ragaa sanadootaa ittin galmaa’anii fi Galma’a Fayinaansii fi Ragaa laakkofsa TIN footoo koppii isaa sanada caal-baasii waliin qabsiisanii dhiyeessuu qabu.
- Dorgomtoonni dhiyaatan galma’aa taaksii dabalataa (VAT) galmaa’uu isaanitiif ragaa footoo koppii dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba. Akkasumas IMXn fi woldaaleen TOT dhikeeffachuu qabu .woldaa IMX yoo ta’ani immoo qaama isa gurmeesse irraa xalayaa deeggarsaa fidachu qabu .
- Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beessisi kun Gaazexaa Kallacha Oromiyaatiin bahe gaafa 29/12/2017 irraa eegalee guyyoota hojii 15/ kudha shan/ keessaattii yeroo hunda sa’aati hujiitti gosa sanada calbaasii tokko tokkoon isaaf maallaqa hin deebine qr. 300 (dhibba sadi) qofa kaffaluun Adeemsa Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa Waajjira Maallaqaa Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo lakk. 03 tti dhiyaachuun sanadicha bitachuu ni danda’u.
- Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa Caalbaasitiif kan oolu gatii tilmama bittaa waliigalaa % 2 maqaa Waajjira Maallaqa Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo tiin CPO ykn Cheekii Baankiidhaan mirkanaa’e yka Mallaqa Callaadhaan sanada Orijinaala caalbaasicha keessaa galchuun dhiyeessuu qaba.
- Dorgomtootni sanada caalbaasichaa :- Meeshaalee Barreessaa, Meeshaalee Qulqullinaa,Meeshaalee Dhaabbii Xixiqqa Waajjira Keessaa ,Meshaalee Dhumoo, Uffata Seera, motora Fi Korboo Konkolaataa poostaa saamsameen, Orjinaalaa fi koppii addaan baasuun gaafa guyyaa 16^{ffaa} sa’aati 8:00 hanga sa’aati 8:30 Wajjira Maallaqaa Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo tti Saanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
- Caalbaasichi sa’aati 8:30tti dorgomtootni ykn bakka bu’oonni bakka bu’ummaan isaanii Seeraan kan Mirkanaa’e, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti Kutaa Bittaa lakk 03 W/Maallaqaa Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo keessatti banama.
- Mo’ataan caal-baasii meeshalee ittiin mo’atee hundaa hangaa Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo tti dhiyeessuu qaba.
- Afaan caal-baasichaa ittiinii geggeeffamu Afaan oromootiin ta’a
- Waajjirichii Caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan Kan eegame dha.
- chaappa dhaabbata ibsu fuula hunda irratti dhahamuu qaba **Odeeffannoo dabalataa Lakk.Bilbilaa: 09 12 32 75 08, 0910 45 37 71**
Waajjira Maallaqaa Aanaa Ardaa Jilaa Me’ee Bokkoo

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



Raawwii karoora hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa bara 2017

(Kan darberraa kan itti fufe)

Raawwii qulqullina tajaajila dhimmoota yakkaa

Bu’aan battalaa lammaffaan galtee bu’aa giddugaleessaa lammaffaaf karoorfame qulqullina tajaajila Abbaa alangaa gama hojii yakkaan jiru kan ilaallattudha. Qulqullinni hojii dhimmoota yakkaa milka’ina bu’aa waliigalaaf dhimma murteessaa ta’uusaatiin raawwiin hojii gama kanaan jiru haala lamaan madaalamuuf kan karoorfame yommuu ta’u, gama tokkoon poosti odiitii abbootiin adeemsa itti fufinsa geggeessan cuunfuun ta’e gama biraatiin immoo koreen hundaa’ee saamuda fudhachuun ulaagaa qophaa’een sakatta’insa geggeeffamuun madaaluuf karoorfamee haaluma karoorfameenis raawwatamee jira.

Haaluma kanaan bu’aa battalaa kanaaf agarsiiftuuleen raawwii 15 kan karoorfaman yommuu ta’u, agarsiiftuulee ijoon haala armaan gadii kanaan raawwiinsaanii xiinxalamanii dhihataniiru.

- Dandeettii murtii balleessummaa kennisiisuu galmeedhaan karoorri % 97tti dabaluu ta’ee galmeen raawwii % 97.1 himatamaan immoo karoorri % 96 dabaluuuf karoorfamee % 96.1 raawwatameera.
- Dandeettiin amansiisuu gaaffii mirga wabii % 96 karoorfamee % 97.1 raawwatameera.
- Hirdhachuu galmeewwan qormaataa bu’uura sdfy keewwata 38/c gadi deebi’anii % 0.5tti hir’isuuf karoorfanee % 0.7dha.
- Himannaa yakkaa baname fooyya’u % 1 hir’isuuf karoorfamee raawwatameera.
- Murtii keewwata himannaa dhihaate gaditti murtaa’u % 3tti hir’isuuf karoorfanee raawwiin % 2.3 waan ta’eef raawwii gaarii ta’uu kan agarsiisudha.
- Galmeewwan bu’uura sdfy kewt. 141fi 149 bilisa bahan keessaa sakatta’insa murtii boodaa geggeeffamuun hirdhachuu kanneen sababa hanqina qulqullina hojii Abbaa Alangummaan bilisa bahanii karoorri %7tti hir’isuuf karoorfachuun raawwiin % 7.4dha.
- Galmeewwan dhimma yakkaa murtiin mana murtii jalaa ol iyyata himatamaan diigamuun murtii booda sakatta’aman keessaa hir’achuun kanneen sababa hanqina hojii Abbaa Alangaan diigaman %3tti hirdhisuuf karoorfachuun raawwiin % 2.5 waan ta’eef raawwii gaariidha.

Cuunfaa raawwii bu’aqabeessummaa tajaajila dhimmoota yakkaa

Biiron Abbaa Alangaa Waliigalaa bu’aqabeessummaa hojii dhimmoota yakkaa kallattii milkaa’ina galmaafi kaayyoo seera yakkaatiin madaalutu irra jiraata waan ta’eef biirichi agarsiiftuuwwan raawwii bu’aqabeessummaa hojii dhimma yakkaarratti xiyyeeffachuun bara kana haala addaan kan karoorfate yommuu ta’u, kallattii agarsiiftuuwwan bu’aqabeessummaa hojii dhimmoota yakkaaf karoorfamaniin raawwii hanga kurmaana 4^{ffaa}tti jiru yommuu xiinxalamu;

Harcaatii himannaa yakkaa hir’isuu ilaalchisee

- Harcaatii galmee himata yakkaa kan bara darbee % 3.3 irraa kan kurmaana kanaa % 3tti hir’isuuf karoorfachuun raawwiin % 2.65dha.
- Galmeewwan himata yakkaa kallattii baroota darban sababa himatamaa ykn ragaan dhabamuun adda citan keessaa % 10 sochoosuuf karoorfamee raawwiin % 13.9 sochoosuun waan danda’ameef raawwiin jiru fooyyee kan qabu ta’uu agarsiisa.
- Harcaatii galmee ol iyyataa % 6tti hir’isuuf karoorfachuun % 9.7 raawwatameera

Maallaqni dhimmoota yakkaa gosa hundaarraa mootummaaf galii ta’es:

- Adabbii yakkaarraa; qar. 774,768,572.19
- Ciraa yakka adda addaarraa; qar. 200,471,338.52
- Mirga wabiirraa; qar. 85,196,576.91dha.

Qabeenya bu’aa yakka malaammaltummaa dhorkisiisuu

ilaalchisee

Yakki malaammaltummaa yakka qabeenya ummataa faayidaa ofiif oolfachuuti waan ta’eef nama yakka raawwate adabsiisuun akkuma jirutti ta’ee qabeenya nyaatame ykn dhoksame ykn miliqfame ykn seeraan ala horatame kaazinaa mootummaatti deebisiisuu danda’utu irra caalmaan bu’aqabeessummaa hojichaa ibsa waan ta’eef dhimmi qabeenya deebisiisuu dhimma xiyyeeffannoo hojii gama kanaa akkaataa ta’uu danda’uun karoorfamee hojjetamaa turee jira. Qabeenyota dhorkamuun qoratamaa jiraniifi adeemsa himannaarr jiran keessaa akka fakkeenyaatti;

- Maallaqa Baankii jiru qarshii 206,203,363 ta’e
- Mana jireenya baay’inni isaa 160 tilmaama qarshii 298,994,404.3 baasu,
- Gamoo Abbaa Darbii 2 hanga 4 waliitti sadii ta’an tilmaama qarshii 72,000,000 baasu
- Lafa Magaalaa kaareemeetira 1,171,026.33tti tilmaamni gatii liizii wayitaawaasaa qarshii 804,692,225.42 ta’e dhorkamee qoratamaa kan ture keessaa kaareemeetira 748,548.00 irratti furmaanni kennamee jira.
- Yeroo amma lafti lafa magaalaa karee 422,478.33 ta’eefi lafa investimantii hektaara 81.5 ta’e osoo caalbaasii wayitaawaan kenname qarshii 1,468,798,421 baasu dhorkamee qoratamaa jira. Lafti baadiyyaa hektaara 376.779 ta’e,
- Midhaan gargaarsa qamadii kumtaala 204 tilmaama qarshii 1,954,172 baasu

Walumaagalatti qabeenya gosa adda addaa tilmaamnisa qar. Biliyeena 2.9 ta’e dhorkamee jira.

Qabeenya bu’aa yakka malaammaltummaa ta’ee deebisiisuu

Qabeenyaa bu’aa yakka malaammaltummaa ta’uun mirkanaa’ee falmiifi tarkaanfii bulchiinsa mootummaafi ummataaf akka deebi’uuf karoorfamee irratti hojjetamaa turee jira. Bu’uura kanaan hojii gama falmiifi tarkaanfii bulchiinsaan qabeenya deebisiifame:

- Mallaqa callaa qarshii 308,409,853.6 mootummaafi jaarmiyaa ummataatiif akka deebi’u ta’ee jira.
- Mana jireenyaa 29 tilamaama qarshii 32,762,940.42 baasu (kana keessa manni harka qalleeyyiif jedhamee ijaarame 2fi mana nama dhuunfaa ta’e karaa seeraan ala nama hin malleef darbee ture akka deebi’uuf ta’ee jira)
- Mana gandaa 17 ta’e, mana daldaala tokkoofi mana waliinii abbaa ciisicha sadii ta’e baayyinnisa 92 tilmaamaan qar. 230,000,000 baasu akka mootummaan dhaalaman ta’ee jira.
- Konkolaataa 8 tilmaama qarshii 30,440,612 baasuufi motora saayikilii 11 qarshii tilmaama 2,657,385.13 baasu mootummaan akka dhaalamu ta’ee jira.
- Lafa magaalaa kaareen 437,568.08fi lafa investimantii hektaara 3.2892 ta’e osoo liizii isa xiqqaan kennamee qarshii 1,085,374,437.42 baasu gara Baankii lafaatti akka deebi’u ta’eera.
- Lafa baadiyyaa/qonnaa hektaraa 221.371 ta’e istookii lafaatti akka deebi’u ta’ee jira
- Xaa’oo kuntaalli 2,870.50 qarshii 12,686,362.25 baasu, midhaan deggersa qamadii kumtaala 318.40 tilmaama qarshii 1,544,284.25 baasuufi meeshaaleen biroo kanneen Dabbara Darzana 848, qalama barreffamaa 36, Kitaabolee adda addaafi kan biroo tilmaama qarshii 1,026,834.5 baasu akka deebi’u ta’ee jira.
- Kompuutara 9 qarshii 597, 276.43 baasu akka deebi’u ta’ee jira
- Manneen jireenyaa waliinii (kondominiyeemii) 92 osoo mirgi seera qabeessi irratti uumamee gara Magaalaa Shaggaritti hin dabarfamin akka dura karaa Kooporeeshiinii Misooma Mannenii Magaalaa Finfinneetiin dabarfamee fakkeessuun waliigaltee uumuun kaartaan abbaa qabiyyummaa Manneen kanaa karaa waajjirra Lafaa Kutaa Magaalaa Aqaaqii Qaallitiitiin qophaa’ee kan kenname fakkeessuun mirga

abbaa qabeenyummaa uumanii Mana Mootummaa karaa seeraan ala ta’een nama dhuunfaaf dabarsanii argamaniiru tarkaanfii fudhatamee mootummaaf akka deebi’u ta’ee jira.

Walumaagalatti bara kana

- Qabeenya tilmaamni isaa qar.bil.2.9 ol ta’u bu’aa yakkaa ta’ee waan shakkameef dhorkamee akka qoratamu godhameera
- Qabeenya bu’aa yakkaa malaammaltummaa ta’ee tarkaanfii bulchiinsaan deebisiifame qarshii 1,643,928,657dha.
- Qabeenya bu’aa yakka malaammaltummaa ta’ee falmiin deebisiifame qar. 227,536,174.13 dha.


Qabeenya bu’aa yakkoota dinagdeerratti raawwataman deebisiisuu ilaalchisee

Bara kana bu’a qabeessummaa hojii dhimmoota yakkaa dabaluuuf hojiiwwan xiyyeeffannoon karorfaman kessaa qabeenyota bu’aa yakkoota diinagdee deebisiisuun kan ijoodha. Haaluma kanaan hojiin olaantummaa seeraa gama kanaan jiru kabachiisuus akkuma jirutti ta’ee hojiin qabeenya bu’aa yakkaa dhorkisiisuu, tarkaanfii bulchiinsaafi falmiin deebisiisuus hojjetamaa tureera. Keesumaayyuu galiwwan harca’anii hafan deebisiisuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa tureera. Haaluma kanaan:

- Qabeenya bu’aa yakka diinagdee shakkame qar.829,556,135.84 dhorkisiisuun qorannaan geggeeffamaa kan ture yoo ta’u; qabeenya bu’aa yakkoota/dhimmoota dinagdee ta’an kan tilmaamni isaa qar.4,666,881,268.43 ta’e tarkaanfii bulchiinsaan deebisiisuun danda’ameera.
- Falmiidhaanis qar.401,619,048.26 deebisiisuun danda’ameera
- Hojiilee ijoo gama kanaan hojjetaman keessaa isaan ijoon;
- Ashaboo seeraan alaa fayyaa namaa irratti miidhaa geessisuu danda’u kuntaala 52,128 tilmaama dhorka maallaqaa qarshii 34998739.2 ta’e himanni irratti dhiyaate himatamtoota irratti murtiin adabbii adda addaa hanga hidhaa waggaa sadiifi baatii jahaafi adabbii maallaqaa qarshii 200,000.00 kan adabaman yemmuu ta’u, ciraa qabame ilaalichisee ashaboo kana haala nyaataaf hin oolletti tajaajila biroottiif akka ooluuf dhaabbata OROFRESH jedhamutti kuntaala tokko qarshii 400.00 kan gurgurameefi qarshii 21,086,240.00 mootummaaf galii akka ta’u taasifamee kan jiru dha. Kana keessatti ashaboon kun gara dinagdummaatti akka jijjiiramee mootummaan irraa fayyadamuu danda’uuf shoora olaanaa kan taphate gahee Abbaan Alangaa taphate ta’uu ilaaluun ni danda’ama.
- Shiboo ykn kaabilii kooparii tajaajila bilbilaa fi internaatiif oolu qabeenyummaan isaa kan Itiyoo telekoomi ta’e tilmaama qarshii 576,781.17 mootummaan akka dhaalu ta’ee jira.
- Konkolaataa minibaasii tilmaamni isaa qarshii miiliyoona 2 ta’u karaa seeraan alaa biyya keessa galee sanada sobaatiin hojjetaa ture himannaan banamee falmii mana murtii irratti erga gaggeeffamaa turee booda himatamtoota irratti murtii adabbii waggaa 3 hanga 7 murteessisuun konkolaataanis mootummaan akka dhaalu taasisuun BAAWO tiif galii akka ta’u taasifamee jira.
- Buna seeraan ala geejjibsiifamaa ture qabamee himanni erga dhiyaatee booda himatamoota irratti adabbiin hidhaa itti murtaa’ee bunnii tilmaamni isaa qarshii miiliyoona 8.5 ta’u Biiroo Maallaqa Oromiyaatti galii akka ta’u taasifamee jira.
- Gibira mootummaa dhoksuu fi kaffaluu diduu ilaalichisee tarkaanfii bulchiinsaatiin qarshii 1,023,000 mootummaaf galii taasifamee jira.

Gabaasa raawwii hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaarraa kan fudhatame

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir’isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

Saffisaan dabaluu baay’ina ummataa, dhiibbaafi faayidaasaa

Lakkoofsi ummata biyya keenyaa ykn naannoo keenyaa dabaluu guddina hawaas-dinagdee, itti fufiinsa naannoofi nageenya dhuunfaa irratti dhiibbaa guddaa qabaata. Lakkoofsi ummataa baay’achaa dhufuun carraa ykn qormaata(challenge) uumuu danda’a. Dhiibbaa jiru hubannee tarkaanfii haaluma kanaan fudhachuu hojii filannoo hin qabnedha. Sababnisaa baay’inni ummataa saffisaan dabalaa dhufuunsaa balaa guddaa baatee waan as ba’uufi.

Saffisaan dabalaa dhufuun baay’ina ummataa, faayidaas ta’e miidhaa inni hawaasummaafi dinagdeerraatti qabu ilaaluun kan dandaa’amu yeroo dheeraafi giddu galeessaa keessatti malee kan yeroo gabaabaatiin ilaalamu miti.

Saffisaan dabalaa dhufuu baay’ina ummataa guddina hawaas-dinagdeerratti dhiibbaa adda addaa qaba. Kana jechuunis, qabeenya umamaa, guddina dinagdee, tajaajilawwan hawaasummaa, jijjiirama qilleensaafi naannoorratti dhiibbaa fiduun misooma hawaas-dinagdee haalaan gufachiisuu danda’a, Kunis, hiyyummaa, hojii dhabdummaa, manca’iinsa naannoofi jeequmsa hawaasummaa akka dabalus taasisa.

Rakkoowwan kana furuuf, sagantaalee karoora maatii bal’aa hojiirra oolchuu, walqixxummaa saalaa guddisuu, barnootaafi fayyaarratti invastimantii gochuufi tarsiiimoo misooma itti fufiinsa qabu hojiirra olchuun dhimmoota kana salphisuufi guddina hawaas-dinagdee yaadame fiduun ni dandaa’ama.

Miidhaawwan baay’inni ummataa saffisaan dabalaa dhufuun hordofsiisu


Yeroo ammaa kana qorannooleen garaagaraa akka argisisanitti biyyoota guddachaa jiran keessatti baay’inni ummataa akka ba’aatti kan ilaalamuudha. Sababnisaa, guddinni baay’ina ummataa dabaluu humna guddina dinagdee ol ta’ee argamuu isaati.

Miidhaa baay’inni ummataa saffisaan dabalaa deemuun dhufan keessaa:

- A. Dhiibbaa guddina dinagdee**
 - Fedhiin bu’uuraa dabaluu:** Guddinni saffisaa baay’ina ummataa dabaluu fedhiin nyaataa, bishaanii, mana jireenyaafi wantoota fedhii bu’uuraatiif barbaachisoo ta’anirratti dabaluu dhiibbaa cimaa fida. Adeemsa kana keessatti dandeettiin dhiyeessii akka malee gadi bu’uun, gatiin fedhii bu’uuraa dabaluu fi hanqinni uumamu akka danda’u taasisa.
 - Hoji dhabdummaa:** Guddinni saffisaa baay’ina ummataa waantota hoji dhabdummaa babal’isaan keessaa isa ijoo ta’uusaa ragaaleen garaagaraa ni mul’isu. Harki caalaan ummata Itoophiyaa dargaggoo ta’uurraa kan ka’e hojii dhabuun yerootii yerootti dabalaa dhufuunsaa rakkoo garaagaraa uumuu akka danda’u nama hin shakkisiisuu. Kunis, hammi galii akka dabaluu fi investimeentii garaagaraa yoo hin babal’isne hojiiwwan oomisha misoomaa irratti dhiibbaa geessisuudhaan adeemsa murtoo siyaasaa kennuurratti dhiibbaa fida.

Galii nama dhuunfa agidduutti garaagarummaa uuma: Guddinni saffisaa baay’ina ummataa dabaluu, qabeenyii fi carraan hojii sirnaan akka hin qoodamne taasisuun daangaa qabeenyaafi carraan hojii ga’an

POPULATION GROWTH



akka hin uumamne gochuun qaawwa dureeyyiiifi hiyyeeyyii gidduu jiru bal’isa.

Hiyyummaa dabaluu: Baay’inni ummataa garmalee hiyyummaa hammeessa, sadarkaa jireenya gad-buusa. Kunis, akka qorannoon garaagaraa argiisutti qabeenyi jiruu fi baay’inni ummataa wal madaaluu dadhabuurra kan ka’e kan uumamudha. Hiyyummaan babal’achuun jeeqamuu hawaasaaf karaa ta’a.

B. Dhiibbaa Tajaajila Hawaasummaa

- Garmalee namaan guutamuu(overcrowding):** Naannoowwan namoonni walitti baay’atanii jiraataniitti haala jireenyaa cimuu ykn ulfachuu, qulqullinni gahaan dhibuufi carraan daddarbiinsa dhukkubootaa dabaluu danda’a.

- Dhibbaa Tajaajila Uummataa:** Barnootaa, fayyaafi tajaajilli mootummaan kennu kamiyyuu baay’ina ummata Isaan kan wal hin madaalle yoo ta’e; fedhii guddaa ummata keessa jiru guutuun nama rakkisa, kunis tajaajila qulqulluu kennuuf rakkoo ta’a jechuudha.

- Dhiibbaa sirna barnootaarratti qabu:** Mana barnootaa keessatti barattoonni heddumminaana argamuu irraa kan ka’e hanqinni daree barnootaa, barsiisotaafi kitaaba barataa kan uumamuu yoo ta’u, sababa kanaaf ammoo qulqullinni barnootaa ni hir’ata. Qulqullinni barnoota hir’achuun ammoo kallattiifi al-kallattiin guddina dinagdee biyya keenyaa ni miidha.

- Dhiibbaa sirna fayyaarratti qabu:** Saffisaan dabalaa dhufuu baay’ina ummataa gaaffiin tajaajila fayyaa dabaluu sirna fayyaarratti dhiibbaa fida, kun ammoo tajaajila qulqullina qabu kenuurratii dhiibbaa gessisa; akkasumaas saffisa du’aatii ni dabala, guddina dingdee biyyaas ni miidha.

- Jeequmsa Hawaasummaa:** Carraa qabeenyaafi misooma gahaa wal-qixaan argachuu dhabuu, hiyyuummaan babal’achuuf, qabeenyi umamaa madaalliisaa eege itti fufu dhiisuun jeequmsiiifi rakkoon hawaasummaa cimaa uumamuu danda’a.

- Hanqina mana jireenyaa:** Magaala keessatti saffisaan dabalaa dhufuun baay’ina ummataa hanqina mana jireenyaa fida, kunis magaalichi tasgabii akka dhabu taasisa, gatiin mana jireenya akka dabaluu ni taasisa.

F. F. Dhiibbaa Naannoo

Baay’ina ummataa naannoo keenyaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa dhufuun ummanni naannichaas

jiruufi jireenyasaa mo’achuuf sochiilee adda addaa naannoo jiru keessatti geggeessuun wal-qabatee dhiibbaa inni naannoorraan ga’u salphaa miti. Biyyoota bu’uurri jireenyasaanii qonna ta’e keessatti hariiroon guddina ummataafi lafaa akka gadi xiqqaatu ni taasisa. Kun ammoo madaalliin ummamaafi ummata gidduu jiru faalleessuun rakkoo biraa uuma. Garmalee dabaluu lakkoofsa ummataa kun ammoo qabeenya uumamaarratti miidhaa guddaa geessisa. Heddummachuun lakkoofsa ummataa, qabeenya uumamaa jiru walmadaaluu dhabuun ammoo rakkoolee kanneen akka manca’uu qabeenya uumamaa, manca’uu bosonaa, jijjiirama qilleensaa, faalama naannoo baay’ee fiduu danda’a.

Godaansa fida: Yeroo ammaa godaansi olka’uufi babal’achuufi itti fufiira.

Sababni godaansa addunyaa keessatti yeroo ammaa mul’atu keessaa hojii dhabdummaa, rakkoon siyaasaafi dinagdee, cunqursaa mirga namummaafi balaa uumamaa fa’i. Yeroo ammaa, godaansi namootaa iddoo tokkorraa gara iddoo biraatti taasisaa jiran addunyaaf qormaata ta’aa jira.

Godaansi tajaajila mootummaan namootaaf kennu kanneen akka manneen barnootaa, mana jireenyaafi eegumsa fayyaa irratti dhiibbaa ni fida, Garmalee namaan guutamuu (Overcrowding), Balaa ajjeechaafi sukkanneessaa(Violence), Carraa hojii dhabuu, rakkoolee fayyaa (Health Challenges), rakkoolee hawaasummaa (Social Challenges), rakkoolee karaa (Journey-Related Challenges), baadiyyaarraa humni namaa hir’achuun sadarkaa oomishaafi misooma baadiyyaarratti dhiibbaa fiduu, waldhibdee sanyiiifi loogii, tasgabii gabaa jeequu danda’a, qabeenya uumamaarratti dhiibba geessisuu ni danda’a. Keessumaa, godaansa baadiyyaa irraa gara baadiyaatti taasifamu keessatti.

Faayidaa baay’ina ummataa

Baay’inni ummataa kan barateefi ogummaa kan qabu yoo ta’e caalmaatti qabeenya guddaadha. Faayidaan dabaluu baay’ina ummataa fedhii meeshaalee tajaajilaa dabaluu gabaan akka babal’atu taasisa. Kun jiraachuun ammoo saffinaan guddachuu indaastiriitiif barbaadamaa dha. Gama biraatiin, ammoo biyyattiin gabayaa idila addunyaarratti akka hin hirkanneefi ga’ee daldala alaa seenu xiqqaa akka qabaattu taasisa. Baay’inni ummataa saffisaan dabaluu guddinni tekinooolojii akka jiraatuufi kalaqoonni haaraan akka babal’atan carraa uuma. Fakkeenyaaf warraaqsa indaastiriitiif sababa kan ta’e dabaluu baay’ina ummataa hin eegamneedha. Lakkoofsi ummataa dabaluu humna namaa hojiif ga’aa ta’e argachuuf dandeessisa.

Baay’ina ummataa sirnaan yoo hogganameefi imaammata sirriidhaan hojiirra yoo oolchine jireenya hawaasa isa harkaa gara afaanii ta’e keessatti qabeenya jiru walitti qabuudhaan kuufama horataalee/ivestimeentii guddisuun ni danda’ama. Akkasumas baay’inni ummata biyya tokkoo dabaluu isaa, biyyattiin dinagdee, siyaasaafi raayyaadhaan/waraanaan akka cimtu taasisa.

Komiishinii Karooraafi Misoomaa Oromiyaa, Daarektara Qorannoo Imaammata Misoomaatti Garee Dhimma Ummataafi Misoomaatiin

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!



“HHGI faajjii Adwaa . . .

ollaan waldhabsiisuu, jeequmsa keessoo kakaasuufi hidhachiisuu, pirojektoota murteessoo akka HHGIiif liqii ykn gargaarsa dhaabbilee faayinaansii akka hin arganne dammaqinaan socho’uun danqaa turaniiru. Dabalataanis, amantaa daheeffachuun, keessaa qoqqooduu, bishaan lagachiisuufi dhibaawummaa caasawaa gadi-dhaabuun, hawwii biyyi keenya argama ji’oo-Istiraateejjii kana fayyadamuuf qabdu danqaa turaniiru.

Diinota kanniin, biyya keenya laaffisanii Laga Abbayyaatti akka hinfayyadamne laguu qofti kan isaan quubse hinturre. Humna ji’oo-Istiraateejjii qaama bishaanii murteessoo keenyasa biraatiin tures nudhabsiisaniiru.

Murnoota hidhannoo jeequmsaafi foxxoqqii hundeessuu, deeggaruufi biyya ‘walabaa’ uumuun, Galaana Diimaarraa nu dalleessu danda’aniiru. Badiin caalu ammoo, murni ijoo paartii Itoophiyaa bulchaa turee, ulaa galaanaa shiraan dhabne ilaalchisee, gaabbii calaqqisiisuu cubbuu gochuun, kaayyoo diinota tarsiima’oo biyya keenyaa walalchaa turuu isaati.

Diinonni tarsiima’oo biyya keenyaa, pirojektiin HHGI ifoomuu hordofee, gama tokkoon deeggarsa murnoota jeequmsaatiif taasisan cimsuun ittifufaniiru. Gama kaaniin, dhiibbaa dippilomaasii idil-addunyaa walirraa hincinne uumuun, yoo danda’ame ijaarsicha guutumatti gufachiisuu, ykn waliigaltee dirqisiisoo itti fayyadama hidha kanaa darbees mirga keenya gara fuulduraa bishaanirratti qabnu daangessuuf socho’uun xiyyeeffannoo biyya keenyaa bittinneessaa turaniiru.

Gama birootiin, rakkooleen keessoo hoggansaafi gahumsa dhaabbilee ijaarsarratti hirmaataniin (qulqullina, saamicha, dhimmamuu dhabuufi kkf) walqabatanii akka umaman ta’an, pirojekticha fiixee kufaatii duubatti deebii hinqabnetti dhiibanii turan.

Haata’uutii cichoominni biyyi keenya qormaatileeji’oo-istiraateejjii kunniin keessatti agarsiifte, dhumarratti injifannoo goonfachiisera. Injifannoon duraa jijjiirama madaallii humna ji’oo-politikaa xumuramuu ijaarsa Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaatiin dhufedha. Caasaa nafoo (physical structure) hidha humna elektirikii Afrikaa isa guddicha qofaa miti; faayidaa

dinagdeetiin olitti hiika jabaa kan qabuudha.

Bishaan Laga Abbayyaa to’achuun olaantummaa ji’oopolitikaa gama kanaan baroota seenaa hunda keessatti nurraa fudhatamee ture harka keenya kan galcheedha. Shirawwan walxaxoo diinonni keenya nurratti umaniin marfamnee osoo jirruu, waan karoorsine milkeessuuf dandeettii, kutannoofi cichoomina olaanaa qabaachuu keenya kan ragaa bahedha. Gahumsa hoggansi keenya hudhaaleef furmaata kennuu akkasumas dhiibbaa jalatti raawwachuuf qabu kan itti mirkaneessineedha.

Pirojeekticha, guutumaan guututti faayinaansi keenyan uwwisuun, kutannoo uummanni keenya hirkattummaa cabsuun, ofiin ofmisoomsuuf qabu kan mirkaneessedha. Tuffii diinonni keenya “hindanda’an; waliin hindhaabbatan” jechuun nuuf qabachaa turan kan cabsedha. Humna keessoo keenya yoosochoofne, raajii akkamii hojjechuu akka dandeenyu egereef barumsa guddaa kan irraa argannedha.

Hidhi Haaromsa Guddicha Itoophiyaa, abbaa biyyummaa keenya tiksuuf irree gamtoomen yemmuu dhaabannu, pirojektoota gurguddaa dantaa biyya keenyaa tajaajilan maddisiisuu, karoorsuu, raawwachuufi xumuruu, kanaanis seensa bara haaraa saaquu akka dandeenyu kan mirkaneessedha.

Ji’oopolitikaa gama Laga Abbayyaatiin hawwaa turre akka goonfannu nudandeessisuu keessatti, qaamolee hedduun gahee bahataniiru. Caasaan nageenyaa keenya ibidda jeequmsaa qabsiifamaa ture lubbuu isaatiin dhaamsaa ture. Dippiloomaattonni idilee, mit-idileefi miidiyaaleen keenya himannaa sobaa “Itoophiyaan bishaan nurraa murte” jechuun diinonni dhaabbileefi hawaasa idil-addunyaa fuulduratti maqaa pirojektichaatiin nurratti gaggeessaa turan saaxiluun, dhiibbaan ture sanarra akka hinhammaanne gargaaraniiru. Biyyoonni michuu sagalee qabaniin nucinnaa dhaabbachuun himannaa diinotaa kufaa taasisaniiru.

Uummanni Itiyoophiyaa, rakkoolee keessoofi alaa kunniin fuuldura, yaadaafi gochaan tokkoomee dhaabbachuu akkasumas gumaacha maallaqaa walirraa hincinne taasisuun gahee bakka hinbu’amne bahateera.

Eebbifamuu Hidha Haaromsaa . . .

miidiyaaleen idil-addunyaa hedduun ergaa garaa garaa dabarsaa turaniiru.

Miidiyaan CNN jala bultii eebbichaarratti barreeffamasaan akka ibsetti Hidhi Haaromsaa Guddichi Itoophiyaa wayita eebbifamu Afrikaa keessaa madda anniisaa isa jalqabaa ta’a jedhe.

Miidiyaan Bilumbargi gamasaan biyya Gibxi gammachiisuu baatus Itoophiyaan hidha Afrikaarraa adda durummaa qabatu eebbisuun anniisaa maddisiisuu jalqabuu gabaaseera.

Miidiyaan BBC’n “Kabaja Itoophiyaa” jechuun kan ibse Hidhi Guddichi Haaromsaa ifaan eebbifamuu isaa gabaaseera.

“France 24” ammoo, “Itoophiyaan Hidha Guddaa miiliyoonota humna elektirikiin fayyadu ijaartee xumurte” jechuun gabaase.

Aljeeziraanis Hidha guddinaan Afrikaarraa 1ffaa ta’eefi tarii hidha hedduu biyyoota

Hundaa’ol ammoo, hoggansi tarsiima’oo Ministira Muummee keenya, Looreetii Nagaa Addunyaa Abiyyi Ahimad (PhD) kennan, pirojektichi fiixee kufaatii gaherraa deebi’ee, akkasumas itti dhiyeenyaan hordofamee injifannoo guyyaa har’aa kana arguuf nudandeessiseera. Gahee gamtaan bahame kanaaf, maqaa kiyya, maqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaafi maqaa ummata Oromootiin galata olaanaa dhiyeessuun barbaada.

Biyyi keenya humna ji’oo-istiraateejjii isa biraallee deebifachuuf karaa qabattee jirti. Muummichi Ministiraa keenya, dhimma qaqqabummaa galaanaa yeroo dheeraaf cubbifamee ture cabsuun, hooggantootafi lammilee keenya akkasumas hawaasa idil-addunyaa biratti marii haaromaa dammaqsaniiru. Inumaayyuu, ulaa galaanaa seeran ala dhabne deebisnee argachuu irratti, yeroo ammaa marii bira tarree, mallattoolee qabatamaa arguutti ceenee jirra.

Hidha Haaromsa Guddicha Itoophiyaa milkeessuu cinaatti, ulaa galaanaa argachuun, humna ji’oo-istiraateejjii shira keessoofi alaatiin biyya keenya harkaa bahee ture kan deebisuudha. Kunis, galma biyya humna ji’oopolitikaa naannawichaa, dhiibbaa guddaa geessisuu dandeessufi badhaate ijaaruuf qabnu kan cimsudha. Akkuma HHGI, dogoggorri gama kanaan umames, hoggansa murteessaa Ministira Muummee keenya, Looreetii Nagaa Addunyaa, Abiyyi Ahimad (PhD) kennaniin sirratee, galmichi yeroo dhiyootti akka milkaa’u shakkii tokko hinqabu.

Ijaarsi kun qabeenya Itiyoophiyaa darbees biyyoota Baha Afrikaa qofa miti. Qabeenya dinagdeefi miti-kiliyaa Afrikaanota hundaati. Itoophiyaan waliin misoomuu malee eenyumaa addatti hubuu hinfeetu. Dilbii qabnu, hamilee horanne, olka’iinsa lammiilee biyya keenyaafi Afrikaanotaaf malu, akkasumas iddoo gahuu qabnuun walbiratti yemmuu ilaallu, milkaa’inni guyyaa har’aa kabajnu jalqabbii qofa ta’uu ibsuun barbaada.

Dhumarrattis, qooda fudhattoota injifannoo seena qabeessa kanaa hunda irradeebiin galateeffachaa, lammiileefi michuuwwan misooma biyya keenyaa hundaan бага gammaddan jedhan.

yaa’a gadiin falmisiisaa ta’e Itoophiyaan eebbisiisuu ibseera. Itti dabalun Hidhi Haaromsa guddichi kun anniisaa elektirikii namoota miiliyoonotaan lakkaa’amaniif tajaajilu ta’uu ibseera.

“Itoophiyaan Hidha Afrikaatti isa guddaa ta’e, humna elektirikii miiliyoonotaan ga’uu ishee dandeessisu eebisiiste” jechuun kan gabaase ammoo Rooyitarsi.

“Associated Press” gama isaan “Hidhi Afrikaatti isa guddaa ta’eefi Itoophiyaanonni abdatan ijaaramee xumame” jechuun gabaase.

“Daily Nation” eebbifamuu hidhichaa ilaalchisee gabaasa baasen Hidha Haaromsaa “Kennaa bara Haaraa Itiyoophiyaanotaa” jechuun ibseera.

“CNBC Africa” fi Ejensii Anaadooluu Turki dabalatee miidiyaaleen idil addunyaa hedduun sirna eebbaa Hidha Haaromsaa Guddichaa gabaasaniiru.

Mootummaan ijaarsa Pirojeektota gurguddoo yeroo gabaabaa keessatti kan jalqabuufi kaan immoo kan eebbisu ta’uu Ministirri Muummee Dr. Abiyyi Ahimad beeksisan

Kutaa Qophiitiin

Mootummaan ijaarsa pirojeektota gurguddoo yeroo gabaabaa keessatti kan jalaqabsiisuufi kaanimmoo kan eebbisiisu ta’uu Ministirri Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimad beeksisaniiru.

Ministirri Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimad kana kan beeksisan Dheengadda wayita HHGI eebbisanitti haasaa taasisaniin.

Haaluma kanaan torbanoota dhiyootti warshaan gaazii kan eebbifamu ta’uufi torbanuma sanatti ijaarsi warshaan Gaazii 2ffaan isa duraa dachaa 10’n caalus kan eegal ta’uu Ministirri Muummee Dr. Abiyyi eeraniiru.

Turtii ji’a tokko hin caalle keessattis ‘Refinery’ kan eegal ta’uu kan eeran Dr. Abiyyi, ijaarsi Warshaa Xaa’oos yeroo gabaabaa keessatti kan eegal ta’uu dubbataniiru.

Waggoota shananiifi jahan dhufanittis lammiilee Itoophiyaaf manneen jireenyaa miliyoona 1.5 kan ijaaramu ta’uu eeraniiru.

Walumaagala hojiileen pirojeektota gurguddoo kanaas doolaara biiliyoona 30 oliin kan ijaaraman ta’uu eeraniiru.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!

Caalbaasii Ifaa Bahe

Mootuummaa Naannoo Oromiyaatti Hospitaalli Waliigalaa Nageelle Boorana Nyaataa Bilchaataa dhibbamtoota cisanii yaalamaniif bara Bajaata 2018 waldalee Dhiyyeessii Midhaan Nyaataa Bilchaata irraattii Gurma’aan dorgomsiise nyaata bilchaata dhiyeesisu barbaada, bu’urumaa kanaan waldaaleen ulaagalee kanaa gaditti ibsamee guutan dhiyaatanii dorgomuu ni danda’u.

1. Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanittin heeyyamaa daldalaa baraa 2018 kan haromsame seera qabeessa ta’ee gibira ittin kaffalan, TIN fi Waraaqa raga dhiyeesuumma fotoo kooppii isaa sanadaa caal-baasii Orijjiinaala walinqabsisaani dhiyyeesuu qabu.
2. Dorgomtoonni dhiyaatan galma’aa taaksii dabalataa TOT galmaa’uu isaanitiif ragaa foto koppii dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
3. Dorgomtoonni dhiyaatan ragaa Dhiyyeessii Midhaan Nyaataa bilchaata irraatti Waldaan gurma’uu isaanii kan ibsu Waajjiraa isaan gursessee irraa ragaa barbaachisu dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
4. Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan olu gatii tilmamaa bittaa waligalaa %1 (tokko qofa) maqaa Hospitaala Waliigalaa Nageelle Booranatiin CPO Baankiidhaan mirkanaa’e, Baankii Gaaraantii ykn IMX yoo ta’an bu’uraa Danbii Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa Naannoo Oromiyaa Dirirsuuf bahe lakk. 226/ 2014 xalayaa deeggarsaa qaama isaan hundeessee irraa Odeeffaannoo guutuu waajjira isaan gurmeesse kan ibsuu fi caalbaasii irraattii dorgoman ibsudhaan sanada Orijinaalaa caalbaasichaa waliin qabsiisee dhiyeesuu dirqama qabu.
5. Dorgomtootni hojii irraatti dorgoman kanaan duraa hojii kanaan walfakkaatu irratti Muuxannoo dhiyeessumma Kan qaban ta’uu isaa Ragaa dhiyeeffachu kan danda’an.
6. Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Kun qillensarraa oleeeegalee guyyaa hojii 15f yeroo hundaa sa’aati hojii maallaqaa hin deebine qr.300 (dhibbaa sadii) kaffaluun Hoospitaalaa Waliigalaa Nageelle Booranaatii kutaa Adeemsa Faayinaansi lakk. 41tti dhiyaachuun sanadicha bitachus ta’e sanada galchus ni danda’u.
7. Dorgomtootni sanada caalbaasichaa poostaa saamsameen, sanadaa “Faayinanshala Orginal fi kooppii addan baasuun guyyaa guyyaa 23/12/2017 hanga 2/1/2018 sa’aati 6:00 tti Hoospitaalaa Waliigalaa Nageelle Booranaa Sanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
8. Caalbaasichi gaafa guyyaa 3/1/2018 sa’aati 8:00 dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti Galmaa Hoospitaalaa Waliigalaa Nageelle Booranaatiin keessaattii banama.
9. Mo’ataan caal-baasii mo’atee mo’aachuun isaa ergaa barrefaman ibsamee irraa guyyaa 6ffaa irraa kaassee guyyaa 5 keessaatti Hoospitaalaa Waliigalaa Nageelle Booranaa waajjiin waligaltee maallattesu diqamaa qaba .kana yoo raawwachu baate mo’aattumman isaa ni haqama.
10. Afaan caalbaasii Afaan hojii mootummaa Naannoo Oromiyaatii ta’a.
11. Hoospitaalaa Waliigalaa Nageelle Booranaa filannoo fooyya’e yoo argatee caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan Kan eegame dha Nageelle Booranaa Odeeffannoo Dabalataaf Lakk-Bilbilaa 04644500881 ykn 0926282296 Hoospitaalaa Waliigalaa Nageelle Booranaa

Caalbaasii Marsaa1ffaa

Godina Boorana Bahaattii Waajjira Maallaqaa Aanaa Madda Walaabuu Bara Baajataa 2018 Seektarootaa Mootummaa Aanichaa keessaa jiraniif,

1. Meeshaalee Caarreeffamaa 2. Meeshaalee qulqullinaa 3. Meeshaalee dhabbii biroo keessaa 4. Meeshaalee dhabbii farnicharaa biroo keessa 5. Meeshaalee elektroniksii biroo keessa 6. Uffata dambii hojjattottaa 7. Uffata dambii sportii 8. Meeshaalee jijjirraa konkolaataa 9. Meeshaalee ijaarsaa fi maxxansalee adda addaa caalbaasii ifaa tiin waldorggomsiiisee bittuu barbaada.
- Kanaafuu dorgomtoonii ulaagaalee armaan gadii guuttan hundi dorgomuu kan dandeessan ta’uu isiin beeksifna

Ulagalee dorgommiif barbaachisan

1. Hayyama daldaala kallatii hojii daldaala isaanitiin kan qabuu fi kan bara 2017 haromfamee dhiyessu kan danda’uu.
2. Hayyama dhiyyesii seera qabeessa dhiyessu kan danda’uu.
3. Dorgoomtonnii kamiyyuu Galma’aa vatii (15%)kan ta’aan fi ragaa Fotokopiin dhiyessu kan danda’uu.
4. Dorgoomtonnii kamiyyuu TIN kan qabuu fi ragaa dhiyyefachuu kan danda,uu.
5. Dorgoomtonnii kamiyyuu meeshaa irratii dorgomeef samuda suuraan ykn qaaman dhiyyefachuu kan danda’uu
6. Dorgoomaan tokkoo sanada dorgoomii tokkoon malee qabatee dhiyyachuu hindada’uu
7. Dorgoomtonnii mo’ataa caal-baasichaa ta’uu isaanii erga ibsamee booda guyyaa 5/shaan/ kessaatti qaamaan dhiyyachuun waligaltee mallatteessu dirqamaa qaban.
8. Dorgoomtonnii meeshaalee mo’ataan qulqullinaa isaanii kan eggataan fi akkata ispesifikeeshinii ka’aameen dhiyessu dirqama qabaan
9. Dorgoomtonnii kabbachisaa caalbasiif CPO Qarshii 10,000 /kuma kudhaan/ Bankiin mirkana’ee sanadaa caalbasichaaa waliin dhiyyefachuu kan danda’uu.
10. Dorgoomtonnii sanadaa yaada dorgoomii dhiyyatee irratii haqamaa fi laqamaa tokko malee gatii guutuudhaan orjinaalaa fi koopi isaa addaa basuu dhaan dhiyyefachuu qabu.
11. Dorgoomtonnii dorgooma birra irra hunda’uu dhaan gatii gutuun hin danda’amuu
12. dhaabbanni mo’atee meeshaalee ajajamee akataa ispesifikeshinii ka’ameen guyyota 10 keessaatti mana kuusaa waajjira Maallaqaa Aanaa Madda Walabuutii dhiyessu qaba
13. Dorgoomtonnii guyya beeksifnii kun bahee irra jalqabee guyyoota hojii 15 sa’atii hojii mootummaa qaaman argamuudhaan sanada caalbasii qarshii hin deebinee 200.00/dhibba lamaa/ kafaluu dhaan bituu danda’uu.
14. caalbaasichii kan cufamuu guyya beeksifnii kun bahee irra jalqabee guyyaa 16ffa sa’atii 3:30 irratti yoo ta’uu kan banamuu guyyuma sana sa’atii 4:00 dorgoomtonii ykn bakka buutonii seera qabeessa ta’an bakka argamanitti kan banamuu ta’aa
15. waajirichii filanno biraa yoo argate caalbaasicha gar-tokken ykn guutumaatti haquuf mirga qaba.Odeffannoo Dabalataaf Lakk. Bilbilaa 0912011340 ykn 0910814933 Waajjiraa Maallaqaa Aanaa Madda Waalabuu.

Gujii

Caalbaasii Ifaa Marsaa 1^{ffaa}

Godina Gujiitti **Waajjirri Maallaqaa Aanaa Adoolaa Reeddee** Manneen hojii Mootumma Aanichaa keessatti argaamanif

- 1. Meeshaalee Barreesaa 2. Qulqullessa 3. Dhaabbii Xixxiqaa Biiroo keessa 4. Dhaabbii(Furniture) 5. Elektrooniksii 6. Uffata Seeraa Hojjatoota 7. Motoorsaakiloota fi 8. Korboo Konkolaataa** Bara bajaata **2018**tiif caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee bituu barbada.

Kanafuu caal-baasii irrattii dorgomtootni hirmachuu barbaadan, bu’urrumaa kanaa gaditti ibsameen dhiyaatanii dorgomuu ni danda’u.

1. Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanittin heeyyamaa daldalaa haaromfamee seera qabeessa ta’ee, facaatii dhiyyeesitoota/supply list/ kennaa tajajilaa ragaa sanadootaa ittin galma’aan fi Ragaa lakkofsa TIN fotoo koppii isaa sanadaa caal-baasii walinqabsisani dhiyyeesuu qabu.
2. Dorgomtootni Caal-Baasii bara bajataa 2018 irratti hirmachu danda’an Waajjira Galiwannii irraa gibira Bara Kan ittin kaffalan ragaa fotto koppii dhiyeeffachu dirqama qabu.
3. Dorgomtootni dhiyaatan galma’aa taaksii dabaltaa (VAT) galmaa’uu isaanitiif ragaa fotoo kooppii dhiyeeffachuu kan danda’anii fi Bittaa mana hojichaaf dhiyyeessaan keessaa **VAT %7.5** irraa cite Sanduqaa mootummaattii galii kan ta’u isaa bekkuu dirqama qabu.
4. Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Kun Gaazexaa Kallacha Oromiyaatiin qilleensa irraa oleee jalqabe guyyota hojii 15/ kudha shan/ keessaattii yeroo hundaa sa’aati hojii mootummaa maallaqaa hin deebine qr. 200 (dhibba lama) kaffaluun Garee Bittaa Waajjira Maallaqa Aanaa Adoolaa Reeddee lakk. 8tti dhiyaachuun sanadicha bitachuu ni danda’u.
5. Dorgomaan kaamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan olu gatii tilmammaa bittaa waligalaa **%2** Maqaa Waajjira Maallaqaa Aanaa Adoolaa Reeddeetiin **CPO** Baankiidhaan mirkanaa’ee sanada Orijinaala Caalbaasichaa waliin qabsiisee dhiyyeessu qabu. **IMX** yoo ta’an bu’uraa Danbii Carraa Hojii Uumuuf fi Ogummaa Naannoo Oromiyaa Dirirsuuf bahe lakk. 226/ 2014 xalayaa deeggarsa qama isaan hundesse irraa Odeeffaannoo guutuu waajjira isaan gurmeessee kan ibsuf, caalbaasii irrattii dorgomman ibsudhaan sanada Orijinaala caalbaasicha waliin qabsiisee dhiyeessuu dirqamaa qabu.
6. Dorgommaan kaamiyyuu Ragalee Orijinaala yeroo gaafatamee dhiyyeessuudhaaf fedhii kan qabu ta’u isaa bekkun dirqamaa isaatii.
7. Dorgomtootni sanada caalbaasii Bittaa Meeshaalee Barreessa, Qulqulleessaa,Dhaabbii Xixxiqqa ,Dhaabbii(Furniture),Elektirooniksii,Uffata Seera Hojjatoota ,Motoorsaakiloota fi Korboo Konkolaataa poostaa saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun gaafa guyyaa hojii 16ffaatti hanga sa’aati 4:00tti Waajjira Maallaqaa Aanichaatti kutaa lakk.8tti dhiyyaachuun Saanduqa Caalbaasiii kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
8. Saanduqnii Caalbaasii gaafa guyyaa hojii 16ffaa sa’aati 4:00tti cuufamee sa’atti 4:30tti dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti Waajjira Maallaqaa kutaa Adeemsa Bittaaatti lakkofsa 8 keessatti ni banama.
9. Mo’ataan caal-baasii Bittaa meeshaalee mo’atee hundaa hangaa Waajjira Maallaqaa Aanaa Adoolaa Reeddeetti dhiyeessuuf dirqama qaba.
10. Caalbaasicha kana gufachiisuuf Dorgomaan yalii godhee caalbaasiin ala ta’anii gara fuulduraattis caalbaasii mootummaa keessatti kan hin dorgomne yommuu ta’u Maallaqni kabachiisaa caalbaasii dhaalame Mootummaaf galii ta’a.
11. Dorgomaan Kammiyyuu Caalbaasichaa Erga Banamee Booda sanadicha caalbaasii irratti kan ibsaman haala kammiyyuu jijjiruu ykn fooyyesuu akkasumas caalbaasicha dhiisee jira jechuun hin danada’amu.
12. Afaan caal-baasichii ittin geggeeffamuu Afaan hojii mootummaa Naannoo Oromiyaatti.
13. Waajjirrichii filannoo fooyy’ee yoo argatee caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan eegame dhaa. **Odeeffannoo dabalataaf_Lakk.Mobile 0916807080 Ykn 0922134204 fi 0912464005/0916311206 Waajjira Maallaqaa Aanaa Adoolaa Reeddee**

Caalbaasii

Naannoo Oromiyaatti Manni murtii Aanaa Haroo Walaabuu bara bajaata 2018 hojii mootummaatiif bitta meeshaalee dorgomtoota dorgomsiiisee caal-baasii ifaatiin meeshaalee dhaabbii, Farnichaaraa, Elektrooniksii, Meeshaalee Barreefamaa, Meeshaalee Qulqullinna, bittaa uffata seera, meeshaalee dhaabbii xixxiqqa biiroo keessaa bituu barbaada.

Kanafuu Caal-baasii irraattii dorgomtootni hirmachuu barbadaan, bu’urumaa kana gadittii ibsameen dhiyaatanii dorgomuu ni dandeetu.

1. Dorgomtootni Kallattii hojii daldalaa isaanittiin heeyyamaa daldalaa bara haromsan isaan seera qabeessa ta’ee gibiraa gibiraa bara ittin kaffalan, facaatii (list/ kennaa Tajajilaa keessan ragaa Sanadootaa ittin galma’an fi fi galma’a Faayinaansii fi ragaa Lakkofsa TIN Fotookooppii isaa Sanadaa caalbaasii waliin qabsisaan dhiyyeesuu qabu.
2. Dorgomtoonni dhiyaatan Galma’aa taaksii dabalataa (VAT) galma’uu isaanitiif raga fotookooppii dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
3. Dorgomtootni Sanada caalbaasii guyyaa beeksifni gaazeexaa kallachaa Oromiyaatiin ba’ee irraa egalee guyyoota hojii 15 keessaatti yeroo hundaa sa’ati hojii gosa sanadaa caalbaasii tokkon tokkon isaaf mallaqaa hin deebine qarshii 50(shantamaa) kaffaluun Adeemsa bittaa Mana Murtii Aanaa Haroo Walaabuu keessatti dhiyaachuun sanadaa bitachuu ni danda’u.
